# BARNOOTA SAAYINSII NAANNOO

## QAJEELCHA BARSIISAA



KUTAA 3

# BARNOOTA SAAYINSII NAANNOO

# QAJEELCHA BARSIISAA

# KUTAA 3

# BARNOOTA SAAYINSII NAANNOO

# QAJEELCHA BARSIISAA

## Kutaa 3ffaa

**Qopheessitoonni:**

Iyyerusaalem Garbaabaa

Alamaayyoo Wandee

**Gulaaltonni:**

Adam Goobanaa

Balaayineh Maammuyyee

Dirribaa Ruushuu

Gishee Badhaadhaa

**Madaaltonni:**

Abrahaam Tasammaa

Abdiisaa Gannatii

Darajjee Makonnin

Biiroo Barnoota Oromiyaa Finfinnee, Bara 2005

© Biiroo Barnoota Oromiyaa

Maxxansa jalqabaa bara 2005/2013

## *BAAFATA*


| ***QABIYYEE*** | ***FUULA*** |
|---|---|
| Boqonnaa Tokko………………………………………………………… | 1 |
| Nyaataa fi Maatii………………………………………………………… | 1 |
| 1.1. Nyaata……………………………………………………………… | 2 |
| 1.2. Qulqullina Maatii ………………………………………………… | 6 |
| 1.3. Boqonnaa fi Bashannana………………………………………… | 10 |
| Boqonnaa Lama……………………………………………………………… | 13 |
| NAANNOO UUMAMAA KEENYAA…………………………………… | 13 |
| 2.1. Qabeenya Uumamaa……………………………………………… | 14 |
| 2.2. Annisaa…………………………………………………………… | 19 |
| 2.3. Humna……………………………………………………………… | 25 |
| 2.4. Safara……………………………………………………………… | 29 |
| Boqonnaa Sadii…………………………………………………………… | 34 |
| Sochii Naannoo Keenyaa………………………………………………… | 34 |
| 3.1. Qonna……………………………………………………………… | 35 |
| 3.2. Oomisha Industirii Naannoo……………………………………… | 45 |
| Boqonnaa Afur……………………………………………………………… | 48 |
| NAANNOO KEENYA/ OROMIYAA/…………………………………… | 48 |
| 4.1. Argama Oromiyaa………………………………………………… | 49 |
| 4.2. Haala Teessuma Lafa Gurguddoo Oromiyaa…………………… | 51 |
| 4.3. Alaabaawwan naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa………………… | 54 |
| 4.4. Caasaa Bulchiinsa………………………………………………… | 56 |
| 4.5. Dabareewwan……………………………………………………… | 58 |
| 4.6. Gootota Naannoo Oromiyaatti Argaman………………………… | 60 |

# Seensa

Barattoonni gara mana barumsaatti otuu hin dhufiin dura maatii isaanii fi naannoo isaanii irraa beekumsa argatan ni qabu. Beekumsa waliigalaa maatii fi naannoo isaanii irraa argatan kana gara mana barumsaa yeroo dhufan haala qindaa'ina qabuun baratu. Kanaafuu, barnoonni isaan daree keessatti argatan barnoota dimshaashaa naannoo irraa argataniin walsimsiisuun barbaachisaa dha.

Kaayyoo kana galmaan ga`uuf, barnoonni saayinsii naannoo qabiyyeewwan gosa barnoota adda addaa irraa kan walitti dhufedha. Qabiyyeewwn kunis, daa`imman haala naannoo isaanii akka gadi fageenyaan hubatan isaan taasisa jedhameetu itti amanama. Qabiyyeewwan barnoonni saayinsii naannoo irraa qophaa`es barnoota Saayinsii uumamaa, qonna, barnoota fayyaa fi hawaasaa fa`i. Barsiisonni barnoota kana wayitii barsiisan haala naannoo isaaniin walqabsiisuun irraa eegama. Dabalataanis, barnoota isaanii kan kutaa 1ffaa fi kutaa 2ffaa keessatti barataniin walsimsiisuu qabu.

Barnootichis boqonnaa afur qaba. Boqonnaa tokkoffaan, Nyaataa fi fayyaa maatii yoo ta`u kana jalatti mata dureewwan ijoo ta`an waa`ee nyaataa, qulqullina maatii fi boqonnaa fi bashannanaa kan jedhani dha. Boqonnaa lammaffaan, naannoo uumamaa keenyaa yoo ta`u mata dureewwan ijoo boqonnaa kana jalatti ka'an qabeenya uumamaa, annisaa, humnaa fi safara. Boqonnaa sadaffaan, sochii naannoo

keenyaa yoo ta`u kana jalatti mata dureewwan ijoon akka qonnaa fi omisha industirii naannoo ni argamu. Boqonnaa arfaffaan, mata duree waa`ee Oromiyaa kan qabatu yoo ta`u as jalatti mata dureewwan ijoo ta`an immoo argama Oromiyaa, haala teessuma lafa gurguddoo Oromiyaa, Alaabaawwan naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa, Caasaa bulchiinsaa, Dabareewwan seenaa fi Gootota naannoo Oromiyaatti argamanii ofkeessatti qabata.

Qajeelchi kunis kan qophaa`e barsiisaan/tuun barnoota saayinsii naannoo barsiisu/tu tooftaa adda addaatti fayyadamuun kaayyoo barnootichaa akka galmaan ga`uufidha. Kitaaba barataa barnoota saayinsii keessatti barnootichi yaadannoo adda addaa, fakkiiwwan, gabateewwan, chaartiiwwanii fi gilgaalota adda addaan kan deeggaramedha. Barsiisaan/tuun barnoota kana barsiisanis qajeelcha barsiisaa kanatti fayyadamuun barattoonni barnooticha akka haalaan qayyabatan gargaarsa barbaachisaa taasisuufii qabu. Qajeelcha kana keessatii mata dureen barnoota ijoo, wayitii kennameef, bu'aawwan boqonnaa fi ga'umsa xiqqaa, mala baruu barsiisuu fi tooftaalee madaallii taa`anii jiru.

## 1. Bu`aa Barnoota Boqonnichaa

Bu'aawwan, mata duree boqonnaatti aananii kan barreeffaman yoo ta`u, isaanis barnootichi baratamee erga xumurameen booda jijjiirama beekumsaa, dandeettii fi ilaalchaan dhufan kan agarsiisanidha.

## 2. Ga`umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree xixiqqaa jalatti kan barreeffaman yoo ta`u kunis jijjiirama amalaa, beekumsaa fi dandeettii barattoonni mata duree baratan booda muldhisanidha.

## 3. Qophii Duraa

Barsiisaan/tuun gara barnootichaatti otuu hin seeniin dura qophii gochuun barbaachisu kan ibsudha. As keessatti, barsiisaan karaa beekumsaa fi meeshaalee barbaachisaniin qophii taasisuu qaban qabata. Meeshaaleen deeggarsa barnootaa barnootichi qabatamaa akka ta`uu fi lubbuu akka qabaatu taasisuuf kan dhiyaatanidha. Meeshaaleen kun kan naannootti argaman, wiirtuu gabbisa barnootaa keessatti kan argaman akkasumas kan barsiisaan oomishu ta`uu ni danda`u. Barsiisaan/tuun barnoota kana barsiisan meeshaalee kanatti fayyadamanii barnooticha qabatamaa taasisuuf haalaan itti fayyadamuun barbaachisaadha.

## 4. Maloota Baruu Barsiisuu

Malli baruu barsiisuu tooftaa ittiin kaayyoon barnootaa galma ga`udha. Matadureewwan hundaatiif tooftaan filatamaadha jedhamee yaadame taa`eeti jira. Malleen kun mala barnoota barataa gidu galeeffatee(siyaa`inaan barachuu) irratti kan xiyyeefatanidha. Barsiisonnis mala kanatti fayyadamuun kaayyoo barnootichaaf taa`e galma geessisuu qabu.

## 5. Wayitii Barnootaa

Mata duree gurguddoofiis ta`e mata duree xixiqqaatiif wayitiin barbaachisu taa`ee jira. Barsiisonnis kana irratti hundaa`uun barnooticha wayitii taa`eefii keessatti xumuruuf yaaluun barbaachisaadha. Wayitii taa`e harka sadii keessaa harki tokko(1/3) akka gochaan shaakalaan hojjetan ta`ee kan taa`edha. Shaakalli kun daree keessatti ykn dareen alatti ta`uu ni danda`a. Kan kenname harka sadii keessaa harki lama(2/3) garuu, kan daree keessatti maloota adda addaa kan akka mariin, gaaffii fi deebiin, falmiin, dhiyeessaa fi kkf tiin akka barataniif qophaa`edha.

Barsiisonnis kana hubachuun tokko tokkoon qabiyyee irratti mala baruu barsiisuu mijataa filatanii hojii irra oolchuun isaan irraa eegama.

## 6. Tooftaalee Madaallii

Galma ga`insa kaayyoo barnootaa mirkaneeffachuuf tooftaaleen madaallii adda addaa taa`anii jiru. Tooftaaleen madaallii kunis kaayyoo barnootichaa galma geesisuu fi sadarkaa ijoolleen irra jiran ilaalcha keessa galchuun kan qophaa`edha. Barsiisonniis jijjiirama amalaa barbaadame barattoota irratti dhufuu qabu madaaluuf, madaallii battalleewwanii fi qormaatatti qofa fayyadamuu otuu hintaane iyyafannoowwan hunda fi madaallii walitti fufoo fayyadamuun ga`umsa barattootaa kallattii hundaan madaaluun barbaachisaa dha. Haala kanaanis, barattoota ciccimoo fi

laafoo (harkifatoo) ta`an adda baafachaa deemuun, warren ciccimoo ta`an akka itti ciman taasisuu fi warren harkifatoof deeggarsa dabalataa gochaafii deemuun barbaachisaadha.

Akka waliigalaatti, qajeelchi barsiisaa kun kaayyoo barnootichaa galma geesisuu irratti barsiisotaaf deeggarsa guddaa taasisa. Kanaaf, barsiisonnis qajeelcha kana haalaan itti fayyadamuun hojii irra oolchuu qabu.

# BOQONNAA TOKKO

# NYAATA FI FAYYAA MAATII

### (Wayitii ramadame: 45)

## Bu’aawwan Barnoota Boqonnichaa

Barattoonni barnoota boqonnaa kana erga baratanii booda:

- Amaloota nyaata gaarii ibsuu,
- Sababoota, miidhaa fi maloota ittisa faalama nyaataa addaan ni baafatu,
- Qulqullina maatii fi naannoo gochaan ni agarsiisu
- Dhibeewwan qulqullina eeguu dhiisuun dhufan ni tarreessuun,
- Faayidaa boqonnaa fi bashannanni fayyaa maatiif qabu ni hubatu,
- Yeroo boqonnaa isaanii sirnaan ni fayyadamu,
- Dhiibbaa dhibeen AIDS maatii, hawaasa fi jireenya dhuunfaa isaanii irratti fidu ni ibsu,
- Namoota HIV/AIDS waliin jiraatan jaalalaan ofitti qabuu fi yaaduufii nidanda’u.
- Ogummaalee qo’annoo saayinsawaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ilaaluu, galmeessuu, ramaduu, safaruu, hiikkaa kennuu, gudunfuu, mari’achuu fi waliin hojjechuu shaakaluu ni danda’uu.

**Qabxiilee Ijoo Boqonnaa Kanaa**

Boqonnaan kun nyaata, qulqullina maatii fi boqonnaa fi bashannana of keessatti qabata. Nyaata gartuuleen qooduu, sababoota faalama nyaataa beekuu fi faalama ittisuu akkasumas nyaata madaalamaa fi faayidaa isaa irratti barattoonni hubannoo argachuu qabu. Akkaataa eegumsa qulqullina

maatii fi naannoo irratti barattoonni gadi fageenyaan hubannoo argachuu qabu. Faayidaa boqonnaa fi bashannanaa barattoonni hubannoo argatanii haalaan itti fayyadamuu danda'uu qabu.

## 1.1 Nyaata

**Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Gartuulee nyaataa afran ni tarreessu.
- Faayidaa gartuulee nyaataa afran ni himu.
- Nyaanni madaalamaan nyaata gartuulee afran ofkeessaa kan qabu ta'uu ni ibsu.
- Sababoota faalama nyaataa addaan ni baasu.
- Miidhaawwan faalama nyaataa addaan baasuun ni ibsu.
- Maloota ittisa faalama nyaataa addaan baasuun ni ibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ Kitaabilee saayinsii nyaataa fi paakeejjiiwwan fayyaa dubbisuun hubannoo cimsachuu
- ✓ Fakkii fi poostaroota gartuulee nyaataa agarsiisu qopheeffachuu
- ✓ Eddattoowwan nyaataa adda addaa barattootaan qopheessisiisuu
- ✓ Meenuu restooraantii akaakuu nyaataa ibsu qopheeffachuu

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Mata duree kana barsiisuuf barnoota kutaalee gadiitti bartan barattoota gaafachuun yaadachiisaatii hiikkaan nyaataa maal akka ta'e akka hubatan haala mijeessaa. Gaaffii marii keessatti ka'e, maqaa nyaataa kitaaba barataa fakkii 1.1 barattoonni kennan gabatee boronqii irratti galmeessaa. Deebii isaan kennan kan armaan gadii ta'uu isaa mirkaneeffadhaa. Isaanis:

Qurxxummii, Salaaxaa, Anaanaasii, Annan, Boloqqee, Dinnicha, Lukkuu, Loomii dha. Itti fufuunis, nyaata naannoo isaaniitti beekaman kan isaan tarreessan gabatee boronqii irratti barreessuun faayidaa isaanii irratti akka mari'atan qajeelchaa.

## Gartuulee Bu'uuraa Nyaataa

Akaakuu nyaataa fakkii kitaaba irratti mul'atan fi akaakuu nyaataa naannoo isaaniitti beekan tarreessan, gabatee boronqii irratti barreessaa. Nyaata tarreeffaman kanneenis gosa gosaan akka ramaduu yaalan godha. Achiin booda, gabatee boronqii bakka afuritti qoodaatii, mataduree qoodama afraniifuu gartuulee nyaataa bu'uuraa tokko tokko barreessaa. Matadureewwan kanneen jalatti immoo kanniin hafan barattootni tarreessanii irratti mari'achuun akka hubatan gargaaraa.

Itti fufuunis gartuulee nyaataa afran irratti ibsa kanaa gadii kennuun qayyabachiisaa.

1. **Gartuu midhaan sanyii**
   - Gartuun midhaan sanyii madda nyaataa isa guddaa ta'uu,
   - Akaakuun nyaata kanaa boqqolloo, qamadii, xaafii, garbuu fa'a ta'uu,
   - Gosoonni nyaataa gartuu kana irraa qophaa'anis kanneen akka biddeena, daabboo, marqaa, maxinoo fa'a ta'uu,
   - Faayidaa guddaan gartuu kana irraa argamu anniisaa fi hoo'a ta'uu,

2. **Gartuu kuduraa fi muduraa**
   - Gartuun kuduraa fi muduraa kutaa lama qabaachuu, isaanis:
     a. **Kuduraa:** raafuu, salaaxaa, qaaraa, dabaaqula, kaarotii, kukumbaa fa'aa ta'uu,
     b. **Muduraa:** burtukaana, maangoo, anaanaasii, muuzii, pappaayyaa fa'a ta'uu

- Nyaata gartuu kana irraa qophaa'uu danda'u: bifa cuunfaatiin, nyaata biroo keessatti makamuun fi kan biroo ta'uu isaanii,
- Faayidaa guddaan gartuu kanaa dhibee nama irraa ittisuu ta'uu,

3. **Gartuu aannanii**
    - Gartuun kun baaduu, itittuu, dhama, dhadhaa fa'a of keessaa qabaachuu,
    - Nyaanni gartuu kanarraa qophaa'u kan akka areeraa, ittoo, kireemii fa'aa ta'uu,
    - Faayidaa guddaan gartuu kanaa ijaarsa lafeef yommuu ta'u keessattuu daa'immaniif barbaachisaa ta'uu

4. **Gartuu foonii**
    - Gartuun kun foon bineeldota garagaraa, qurxummii, buphaa fa'a kan ofkeessatti qabate ta'uu,
    - Faayidaa guddaan gartuu kanaa ijaarsa fi haaromsa qaamaa ta'uu,

Itti fufuunis, maalummaa nyaata madaalamaa irratti erga mariisistaniin booda, barattoonni fakkeenya nyaata madaalamaa garagaraa akka kennanii fi eddattoo nyaata madaalamaa akka qopheessan taasisaa.

## Sababoota Faalama Nyaataa

Sababoota faalama nyaataa fi mallattoolee nyaata faalamee irratti barattoota mariisisa. Miidhaa faalama nyaataan dhufani irrattis mariisisaa. Itti aansuunis, dhaabbata fayyaa naannootti argamu deemuun sababoota faalama nyaataa fi miidhaa akkasumas maloota ittisaa irratti ogeessa fayyaa gaafatanii dareef akka gabaasan godha. Achiin booda yaada waliigalaa armaan gadii kennaafii.

- Nyaanni faalamuu kan danda'u qulqullina dhabuu nama nyaata qopheessuu fi dhiyeessuun, meeshaa itti nyaanni qophaa'uu fi dhiyaatuun, bakka itti nyaanni qophaa'u akkasumas sirnaan olkaa'amuu dhabuun ta'uu,
- Dhibeewwan faalama nyaataan dhufan kan akka koleeraa, jaardiyaa, dhukkuba ameebaa, raammoo maagaa fa'a ta'uu,
- Mallattooleen dhukkuba kanaas balaqqama (haqqisiisaa), garaa kaasaa, garaa ciniinnaa, tuttufsiisaa, qaama gubaa fa'a ta'uu,
- Maloonni ittisa faalama nyaataa sababoota faalama nyaataa dhabamsiisuu ta'uu

**Madaallii**

- Mata duree kana jalatti marii barattoonni geggeessan, piroojektiiwwan isaan hojjetanii fi gabaasa isaanii walumaagalatti yaada isaan kennan xiyyeeffannoo kennuuniif hammam barnooticha akka hubatan mirkaneeffadhaa.

- Kanas qabatamaa gochuuf ragaa sochii barattootaa guyyaa guyyaan raawwatan galmee kuusaa qabxii irratti galmeessanii qabachuun barbaachisa.

## DEEBII GILGAALA 1.1

**A. Dhugaa-soba**

1. Soba
2. Soba
3. Soba
4. Dhugaa
5. Dhugaa

**B. Filannoo**

1. E
2. B
3. C
4. A
5. B
6. B
7. D
8. A
9. D
10. A

**C. Deebii gabaabaa**

1. Midhaan sanyii, kuduraa fi muduraa, gartuu foonii, aannani fi bu'aa annanii
2. Qulqullina dhabuu nama nyaata qopheessuu, qulqullina dhabuu bakka nyaanni itti qophaa'uu, qulqullina dhabuu meeshaalee nyaanni itti qophaa'uu, qulqullina dhabuu naannoo fa'a.
3. Jaardiyaa, koleeraa, raammoo maagaa, dhukkuba ameebaa, raammoo minnii fa'a.
4. Goggogsuu, itti aarsuu, dilaalleessuu, ashaboo itti naquu.
5. Qurxummii, foon, buphaa, lukkuu

## 1.2 Eegumsa Qulqullina Maatii

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Gochoota qulqullina maatii tokko tokko ni agarsiisu.
- Gochoota qulqullina naannoo tokko tokko ni agarsiisu.
- Dhukkuboota qulqullina eeguu dhabuun dhufan ni ibsu.
- Dhiibbaa AIDSn maatii isaanii fi hawaasa irratti qabu ni tarreessu.
- Namoota HIV/AIDS wajjin jiraataniif jaalala ni agarsiisu.

**Qophii Duraa**

- ✓ Kitaabilee qulqullina naannoo dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- ✓ Fakkiiwwan qulqullina maatii, fakkii mana fincaanii qulqullina qabu fi qulqullina hin qabnee akkasumas postaroota jaalala namoota HIV/AIDS wajjin jiraataniif godhamu agarsiisan qopheeffadhaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Waa'ee qulqullina maatii barattoonni hamma ta'e tokko ni beeku. Yaada marii barattootaa irraa ka'uun ibsa kennuun barbaachisaa dha. Dhibeewwan qilleensaan daddarban akka dhukkuba sombaa fi utaalloo akkasumas dhibeewwan qulqullina dhabuun dhufan kanneen biroo eeruun, qulqullina maatii eeguun barbaachisaa akka ta'e ibsaafii. Itti fufuunis, qulqullinni maatii qulqullina mana keessaa fi alaa akkasumas qulqullina naannoo akka dabalatu eeruun kan armaan gadii akka hubatan gargaaraa.

a. **Qulqullina maatii eeguuf wantoota raawwatamu qaban:**
   - Manni qilleensa akka argatuuf foddaa banuu
   - Ala fi keessa manaatiif ofeegannoon kosii haruu
   - Mana fincaanii qulqullinaan qabuu
   - Gataa adda addaa gara xaa'oo uumamaatti jijjiiruun faayidaa irra oolchuu

b. **Qulqullina naannoo eeguuf wantoota godhamuu qaban:**
   - Wantoota maddoota bishaanii faalan bishaan irraa eeguu
   - Bishaan ciisaa bo'oo itti baasuun gogsuu
   - Mana fincaanii madda bishaaniirraa fageessuu

Dabalataanis, ogeessa misooma qonnaa naannootti argamu affeeruun akka itti gataa adda addaa irraa xaa'oon uumamaa qophaa'u barattootaaf akka ibsan haala mijeessaa. Akkasumas, ogeessa fayyaa ganda keessanitti argamu affeeruun dhibeewwan qulqullina dhabuun dhufan irratti akka ibsa kennan taasisaa.

Barattoonni mana isaaniitti bishaan akkamitti taliila gochuun akka danda'amu yaada fuudhuun meeshaa dhimbiibduutiin akkamitti bishaan akka dhimbiibamuu fi bishaan taliila immoo akkamitti qulqulleessuun akka danda'amu ibsaafii. Bishaan qulqulleessuuf yommuu keemikaalli itti naqamu

hammi isaa ogeessaan murtaa'uu akka qabu hubachiisaa. Dabalataanis, bishaan danfisuun yommuu ququlleeffamu temp. $100^{o}$c irratti daqiiqaa 15-20 tursuun akka barbaachisuu fi kana ta'uu baannaan garuu jermoonni du'uu akka hin dandeenye hubachiisaa.


Aduutti karkarsuun immoo xiyyoota ifa aduurraa dhufu altiraavayolet jedhamu bishaanitti akka seenu gochuun jarmoota bishaan keessaa ajjeesuu ta'ee mala yeroo dheeraaf ifa aduu barbaadu dha. Garuu, barattoonni sadarkaa kanatti waa'ee xiyya altiravayoleetii hubachuu waan hin dandeenyeef aduutti yeroo dheeraaf karkarsuu kan jedhu ibsuu qofti gahaa dha.

## Wixinee Boolla Mana Fincaanii Gaarii

Naannoo isaaniitti namoonni eessatti akka bobbaa ba'an fi maatiin isaaniis mana fincaanii qabaachuu isaanii gaafachuun barattoota irraa yaada fudhadhaa. Barattoonnis mana fincaanii yookiin bakkee (dirree) jechuu danda'u. Mana fincaanii yoo qabaatan immoo haala ijaarsa mana fincaanii isaanii gaafadhaa. Kanatti aansuunis, qabxiiwwan kanaa gadii akka hubatan haala mijeessaa.

- Wixinee mana fincaanii garagaraa jiraachuu danda'a.
- Isaan keessaa tokko filachuun haalota akka baasii addaa kan hin gaafanne, akka salphaatti ijaaramuu danda'uu itti fayyadamuuf mijataa ta'uu, meeshaa ijaarsaa naannootti argamuu fa'aa irratti hundaa'uu qaba.
- Baay'inni namoota itti fayyadamanii fi haalli lafaa immoo bal'ina fi gadfageenya boolla mana fincaanii murteessuu
- Walumaagalatti, boolli mana fincaanii gaarii kan titiisota fi ilbiisota biroo hin harkifne ta'uu qaba.

Wixineen ijaarsa boolla mana fincaanii salphaa ta’e akka fakkii kanaa gadiitti ijaaramuu akka danda’u ibsaafii.




Fakkii 1.1: mana fincaanii

Dhuma irrattis, dhiiibbaa dhukkubni AIDS hawaasa irra qaqqabsiisu barattoota mariisisuun akka tarreessan godhaa. Namoota HIV/AIDS wajjiin jiraataniif akka mararfatan (jaalala akka agarsiisan) hubachiisaa. Namoota HIV/AIDS wajjin jiraatanii fi hayyamamoo ta’an yoo ganda keessanitti argaman, dareettii affeeruun dhimma kanarratti barattootaaf hubannoo akka kennan haala mijeessaa. Kana malees, barattoonni ga’ee taphatanii akka agarsiisan taasisaa.

**Maddaallii**

Mataduree kana itti fufinsaan madaaluuf gaaffii afaanii, piroojektii qulqullina maatii irratti kenname haalaan hojjechuu isaanii fi hubannaa isaanii madaaluun mirkaneeffadhaa.

## 1.3Boqonnaa fi Bashannana

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Faayidaa boqonnaa fi bashannanaa ni ibsu.
- Yeroo boqonnaa isaanii sirnaan ni fayyadamu.

**Qophii Duraa**

- ✓ Kitaabilee waa'ee boqonnaa fi bashannanaa ibsan dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- ✓ Fakkiiwwan namoota bashannanan fi boqonnaa fudhatan akkasumas wantoota nama bohaarsuu danda'an kamiyyuu barumsa kana dhiyeessuuf gargaaran walitti qabuun qopheeffadhaa.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barbaachisummaa hojii fi miidhaa boqonnaa malee yeroo dheeraaf hojii tokko hojjechuu irratti muuxxannoo isaanii irraa ka'uun mariisisaa. Miidhaa boqonnaa malee hojjechuun dhufuu danda'an kanneen armaan gadii akka hubatan gargaaraa..

- Dadhabbii irraa kan ka'e xiyyeeffannoon hir'achuun dogoggora baay'isuu.
- Gammachuu dhabuun adeemsa keessa dhukkubaaf saaxilamuu.
- Maatii fi hiriyyaa isaaniitiif yeroo dhabuu irraa kan ka'e jireenyi hawaasummaa isaanii jeeqamuu.

Yeroo boqonnaa ofiis bakka hin barbaachisnetti otoo hin taane gochoota nama bashannansiisaniin dabarsuun barbaachisaa akka ta'e barattoota hubachiisaa. Gochoonni nama bashannansiisanis ispoortiiwwan sasalphaa akka deemsa miilaa fi bishaan daakaa, umama daawwachuu, fiilmii ilaaluu,

asoosamoota dubbisuu fi wantoota hojii keessatti nama dhiphisaa turan nama dagachiisan kamiyyuu ta'uu isaanii ibsaafii. Akkasumas, waggaa keessatti altokko yookaan al-lama yeroo hojii irraa-walabaa (vacation) fudhachuun maatii fi hiriyyaa wajjin dabarsuun, firoottan fagoo gaafachuun gammachuu sammuu akka namaa kennu ibsaafii. Hirriba gahaa argachuunis jireenya fayya-qabeessaaf barbaachisaa akka ta'e fi guyyaatti giddugaleessatti hirribni sa'aatii saddeetii akka barbaachisu qayyabachiisaa.

**Madaallii**

- Mataduree kana madaaluuf gaaffii afaanii gaafachuu fi gabaasa isaanii dhageeffachuun, piroojektiiwwan kennaman hojjetanii gabaasan madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

## DEEBII GILGAALA 1.2

**A. Dhugaa ykn soba**

1. Soba
2. Dhugaa
3. Soba
4. Soba
5. Soba
6. Soba
7. Soba
8. Dhugaa

**B. Deebii gabaabaa**

1. Keessa fi ala mana jireenyaa qulqulleessuu, mana fincaanii qulqulleessuu
2. Jirbii, saddeeqa, cilee, cirracha, jirbii
3. Danfisuu, kiloorinii itti naquu aduutti karkarsuu
4. Dadhabuu, gammachuu dhabuu, dhukkubaaf saaxilamuu, maatii fi hiriyaaf yeroo kennuu dhabuu

# BOQONNAA LAMA

# NAANNOO UUMAMAA KEENYA

## (Wayitii ramadame: 68)

**Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa**

Barattoonni barnoota boqonnaa kana erga baratanii booda:

- Qabeenya uumamaa akka biyyee, bishaan, qilleensa, bosona, bineensota addaan baasanii hubachuun barbaachisummaa fi maloota kunuunsa isaanii ni ibsu,
- Uumama ni dinqisiifatu,
- Hoo'a, ifa fi sagalee akka akaakuu anniisaatti ibsuu fi taateewwan isaanii yaalii sasalphaan ni agarsiisu,
- Humna fi taatee humnaa ni ibsu,
- Akaakuu maashinoota sasalphaa fi akkaataa itti fayyadama isaanii ni ibsu,
- Meeshaalee safaraa addaan baasuun itti ni fayyadamu,
- Maloota ogummaa fi qo'annoo saayinsaawaa kanneen akka ilaaluu, galmeessuu, ramaduu, safaruu, fakkii hiikuu, furmaata kennuu, mari'achuu, modeela hojjechuu fi waliin hojjechuu ni shaakalu.

**Qabxiilee Ijoo Boqonnaa Kanaa**

Boqonnaan kun qabeenya uumamaa (biyyee, bishaan, qilleensa, bosona fi bineensota) faayidaa isaanii, miidhaa isaan irra ga'uu fi kunuunsa godhamuufii qabu ofkeessatti qabateera. Akkasumas, anniisaa, humna fi safartoota qabateera. Akaakuuwwan anniisaa keessaa hoo'a, ifaa fi sagalee uumama isaanii, faayidaa fi taateewwan isaanii sadarkaa hubannaa

barattootaatiin dhiyaachuufii qaba. Humna fi taatee isaa, maashinoota sasalphoo keessaa immoo bal'insa habalakaa, fonqolcha fi puulii ilaalchisee barattoonni beekumsa bu'uuraa argachuu qabu. Safartoota keessaas dheerina, qabee dhangala'oo, hanga, yeroo fi tempireecherri akkamitti akka safaramani fi yuunitoota isaanii irratti beekumsaa fi dandeettii argachuu qabu.

## 2.1 Qabeenya Uumamaa

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Biyee, bishaan, qilleensa, bosona fi bineensonni qabeenya uumamaa akka ta'an ni ibsu
- Akaakuu biyyee addaan ni baasu.
- Faayidaawwan biyyee, bishaanii, qilleensaa, bosonaa fi bineensotaa ni ibsu.
- Maloota kunuunsa biyyee ni ibsu.
- Maloota kunuunsa bishaanii tokko tokko ni ibsu.
- Jireenya isaanii keessatti bishaan qusannaan ni fayyadamu.
- Maloota ittisa faalama qilleensaa muraasa ni himu.
- Eegumsa fi kunuunsa bosonaaf ni taasisu.
- Maloota kunuunsa yookaan eegumsa bineensotaa tokko tokko ni eeru.

### Qophii Duraa

- ✓ Kitaabilee qabeenya uumamaa ilaallatan keessaa waa'ee uumamaa, shifata, faayidaa fi kunuunsa biyyee; faayidaa, faalama fi kunuunsa bishaanii; faayidaa fi ittisa faalama qilleensaa; faayidaa fi kunuunsa

bosonaa akkasumas faayidaa fi kunuunsa bineensotaa dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.

- ✓ Meeshaalee kanaa gadii qopheeffadhaa.
  - Eddattoo biyyee
  - Fakkiilee bosonaa fi bineensotaa
  - Yaaliiwwan sasalphoo mataduree kana jalatti hojjechuuf gargaaran
  - Akkasumas meeshaalee piroojektii biqiltuu dhaabuuf gargaaran fa'a.

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Barattoonni gaaffilee kitaaba barataa irratti kennaman irratti akka mari'atanii fi wantoota naannoo isaaniitti argaman tarreessuun namtolchee fi kan uumamaa jedhanii akka ramaduu danda'an haala mijeessaa. Wantoota uumamaa keessaas biyyee, bishaan, qilleensa, bosonaa fi bineensonni isaan muraasa ta'uu isaanii ibsaafii.

## Biyyee

Mata duree kana dhiyeessuuf, gaaffilee kitaaba barataa kessatti ka'an irratti barattoonni yaada akka kennan taasisuun jalqabaa.

Biyyeen hammaan bakka sadiitti qoodamuu isaanii barsiisuuf, fakkii shifata biyyee kitaaba barataa irraa akka gargar baafatan gochuun gosoonni biyyee; biyyee suphee, biyyee sondii fi biyyee cirrachaa ta'uu isaanii ibsaafii. Itti fufuunis eddattoo biyyee naannoo isaanii qunxuranii akka fidan gochuun, biyyee cirrachaa, biyyee suphee fi biyyee sondii adda baasanii akka agarsiisan godhaa.

Marii barattootaa irraa ka'uun faayidaan biyyee maal fa'a akka ta'e fi biyyee gosa kamiitu faayidaa maaliif akka oolu hubachiisaa. Itti fufuunis faayidaan biyyee gurguddoo qonnaaf, meeshaalee manaa tolchuu fi ijaarsaaf akka ta'e hubachiisaa.

Faayidaa biyyeen kennu argachuuuf kunuunsi biyyee barbaachisaa akka ta'e fi kunuunsi biyyeef godhamuu qabus maal fa'a akka ta'e barattoota irraa yaada fuudhuun qabxiiwwan kanaa gadii akka hubatan gargaaraa. Maloonni kunuunsa biyyee kunniinis:

- daagaa tolchuu
- mukkeen dhaabuun bakka buusuu
- qorqamee dheedamuu margaa ittisuu
- sanyii sararaan facaasuu
- ittisa bubbee dhaabuu fa'a.

Dabalataanis ogeessa misooma qonnaa ganda keessanii dareetti affeeruun bal'inaan akka hubatan taasisaa.

## Bishaan

Barattoonni bu'aa marii isaanii akka dhiyeessan gochuun faayidaa fi maddoota bishaanii naannoo isaaniitti argaman akka tarreessan taasisuun maddi bishaanii jalqabaa rooba ta'uu isaa fi marsaan jiraachuu akka hubatan gargaara. Itti fufuunis, gaaffilee kanaa gadii kaasuun barattoonni akka irratti mari'atan godhaa.

- Maatiin keessan bishaan akkamii waraabbatu?
- Bishaan waraabbattan faalamaa yoo ta'e, faaltonni bishaan kanaa maal fa'a?
- Faaltota bishaanii kana akkamitti too'achuun danda'ama? Kanneen jedhan kaasaafii.

Itti aansuunis qabxiiwwan kanaa gadii akka hubatan taasisaa.

- Faayidaan bishaanii qonnaaf, qurxummii horsiisuuf, geejjibaaf, bashannanaaf, anniisaa maddisiisuuf, warshaalee keessattis motora qabbaneessuu fi dhugaatii irraa qopheessuuf ooluu akka danda'u,
- Sababoonni faalama bishaanii bobbaa namaa, xuraawaa bineeldotaa, keemikaalota qonnaa fi xuraawaa warshaalee fa'a ta'uu,
- Maloonni ittisa faalama bishaaniis sababoota faalamaa ta'an dhabamsiisuun akka ta'e mari'achiisuun akka hubatan gargaaraa.

## Qilleensa

Mataduree kana barsiisuun dura barattoonni maalummaa qilleensaa fi faayidaa isaa waan beekan akka himan gaafadhaa. Qilleensi makaa gaasota garaagaraa akka ta'ee fi jiraachuu isaa ijaan akka hin mul'anne garuu taatee isaa irraa hubachuun akka danda'amu ibsaafii. Itti aansuunis qabxiiwwan kanaa gadii irratti mari'achiisaa akka hubatan gargaaraa.

- Faayidaan qilleensaa hargansuuf, faca'insa sanyiif, geejiibaaf fi anniisaa maddisiisuuf ta'uu isaa,
- Qilleensii akka faalamuu danda'uu fi sababoonni faalama isaas aara warshaalee keessaa ba'uu fi gubama bosonaa ta'uu fi dhiibbaan faalama kanaas addunyaawaa ta'uu,
- Faalama kana hambisuufis kan nama dhuunfaa fi naannoo murtaa'e tokkoo otoo hin taane kan addunyaa maraa ta'uu akkasumas, dhuunfaa irraa jalqabamuu akka qabuu fi maloota ittisa faalama qilleensaa kitaaba barataa keessatti ka'an akka hubatan gargaaraa.

## Bosona

Bosonni naannoo keessanitti yoo argama ta'e maaliif akka fayyadu yoo bosonni hin jiru ta'es sababa maaliin akka baduu danda'e manguddoota naannoo isaanii akka gaafatan taasisuun daree keessatti irratti mari'achiisaa.

Itti aansuunis rakkoo bosona dhabuun dhufuu fi rakkina kana furuufis maal gochuu akka qaban barattoota mariisisaa. Yaada marii isaanii boodas qabxiiwwan kanaa gadii irratti ibsa kennaafii.

- Bosonni nyaataaf, boba'aaf, ijaarsaaf, dawoo bineensotaaf akka ooluu danda'u
- Gochoonni kunuunsa bosonaa: akka hin gubanne fi hin ciramne eeguu, bosona manca'ee jiru deebisanii dhaabuu, biqiltuu guddataa jiran irraa beeyladoota ittisuu fa'aa ta'uu
- Sagantaa biqiltuu dhaabuu qopheessuunis mana barumsaa keessanitti biqiloota dhaabsisuun akka kunuunsan godhaa. Kanaanis barttoonni biqiltuu dhaabuu aadaa akka godhatan hubachiisaa.

## Bineensota

Durdur naannoo isaaniitti bineensonni akkamii akka jiraataa turan manguddoota naannoo isaanii akka gaafatan taasisuun faayidaan bineensotaa maal fa'a akka ta'e dareetti irratti mari'achiisaa. Itti aansuunis bineensonni kunniin yeroo ammaa maaliif akka baduu danda'anii fi maloonni kunuunsa bineensotaa maal fa'a akka ta'an irratti mariisisaa. Kana booda qabxiiwwan kanaa gadii akka hubatan taasisaa.

- Bineensonni turistoota hawwachuu fi madda galiitiif akka gargaaran
- Bineensonni gochoota namaa garaagaraan baduu akka danda'an,
- Kunuunsi godhamuufii qabus adamoo seeraan alaa dhowwuu, akka walhoraniif haala mijeessuu fi ummata barsiisuu fa'a.

## Madaallii

- Ga'umsa barachuu isa xiqqaa irratti hundaa'uun, yaada isaan dhiyeessan barnootichaa keessatti kennanii fi marii keessatti

hirmaannaa taasisan, akkasumas gochoota fi piroojektiiwwan kennamaniif hojjechuu isaanii madaaluun ga'umsa isaanii mirkaneeffadhaa.

**DEEBII GILGAALA 2.1**

**A. Dhugaa ykn Soba**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. Soba
5. Dhugaa

**B. Filannoo**

1. A
2. C
3. A
4. C
5. D

**C. Deebii gabaabaa**

1. qilleensa, biyyee, bishaan, bosona, bineensota albuuda fa'a
2. biyyee cirrachaa, biyyee suphee, biyyee sondii
3. hargansuu, faca'ina sanyii, nyaata qopheeffachuu biqilootaaf, madaala uumamaa eeguu fa'a.
4. nyaataaf, boba'aaf, ijaarsaaf, dawoo bineensotaaf, qorichummaaf, madaala uumamaa naannoo eeguuf, miidhagina naannoof, qo'annoo fi qorannoo geggeessuuf fa'a
5. adamoo seeraan alaa dhowwuu, akka walhoraniif haala mijeessuu, ummata barsiisuu fa'a.

## 2.2 Anniisaa

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- ➢ Hoo'i akaakuu anniisaa ta'uu isaa ni ibsu.
- ➢ Taateewwan hoo'aa ni agarsiisu.
- ➢ Ifni anniisaa ta'uu yaalii salphaatiin ni agarsiisu.
- ➢ Uumama sagalee ni himu.
- ➢ Daddarbuu sagalee ni agarsiisu.
- ➢ Meeshaalee muuziqaa aadaa fi ammayyaa addaan ni baasu.

**Qophii Duraa**

- ✓ Barnoota mata duree kanaa dhiyeessuuf dursitanii waa'ee anniisaa fi akaakuuwwan anniisaa garagaraa dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- ✓ Meeshaaleen gargaarsa barnootaa, mata duree kana dhiyeessuuf gargaaran kitaaba barataa keessatti tarreeffaman dubbisuun qopheeffadhaa. Isaan kessaa muraasni kanaa gaditti tarreeffamaniiru.
- Meeshaalee anniisaa hojiitti jijjiiruu danda'an fkn bishaan qodaa qadaadame keessatti danfee hurkuun balaamballeettii balbii irratti maxxanfame sochoosu
- Leensota fi daawwitii golbaa
- Yaaliiwwan sasalphoo mataduree kanaa hojjechuuf gargaaran
- Meeshaalee muuziqaa aadaa kanneen akka dibbee, kiraara, ximboo, kabalaa
- Meeshaalee muuziqaa ammayyaa kan akka gitaaraa ykn fakkii isaa fa'a

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Waa'ee anniisaa wanta barattoonni beekan gaaffii marii kitaaba irratti kennaman irratti erga mari'atanii booda hiikkaa anniisaa fi akaakuuwwan anniisaa maal fa'a akka ta'an akka hubatan gargaaraa. Isaan tarreeffaman

keessaa kanneen anniisaa ta'an adda baafachuun isaan muraasa qofa kutaa kanatti akka baratan itti himaa.

## Hoo'a

Beekumsa barattoonni waa'ee hoo'aa irratti qaban maalummaa fi taatee isaa irratti akka yaada kennan gochuun qabxii kanaa gadii irratti ibsa yaaliin deeggarame kennaafi.

- Hoo'i akaakuu anniisaa ta'uu isaa
- Taateewwan hoo'aas wantoota hoo'isuu danda'uu, boca wantootaa jijjiruu, ibidda uumuu fi faalkaa jijjiruu fa'aa ta'uu

Fakkeenyota jijjiirama faalkaa kanneen akka baquu dungoo, hurkuu bishaanii, baquu dhadhaa fa'aa eeruun isaanis kanneen biroo akka himani gochuun sababa hoo'aatiin jijjiramni faalkaalee sadanii akka jiraatu ibsaafii.

## Ifa

Maddoota ifaa hamma danda'an akka tarressan erga taasistaniin booda kan uumamaa fi namtolchee jedhanii bakka lamatti akka ramadan taasisaa. Itti fufuunis ifni akaakuu anniisaa ta'uu isaa akka hubatan yaalii sasalphaa kitaaba barataa irra jiran hojjechiisaa.
Yaalii kanas tartiiba kanaa gadiin hojjechiisaa.

- Daawwitii sassabduu tirikaa keessaa baatuu fi huccuu qopheeffadha.
- Golbina daawwitii aduutti qabaa.
- Qaawwa daawwitii kana keessaan huccuu baasaatii qabxii fulleffannaa irratti qabaa.

Firiin isaas gubachuu huccuuti. Gubachuun huccuu kunis sababa anniisaan ifaa gara anniisaa hoo'aatti jijjiiramuu isaa ibsaafii. Dabalataanis, ifni akaakuu anniisaa maddoota garagaraa irraa kan argamu ta'uu isaa akka hubatan gargaaraa.

## Sagalee

Waa'ee sagalee hammam akka beekan gaaffilee kitaaba barataa irratti kenname deebisuu isaanii irraa erga hubattaniin booda dabalataan gaaffilee armaan gadii gaafadhaa.

- Sagalee bineeldotaa dhageessanii beektuu?
- Sagaleen wantoota adda addaa maaliif gargar ta'a?
- Sagaleen uumamuuf maaltu raawwatamuu qaba?
- Sagaleen faayidaa qabaa?

Kanumatti aansuunis sagaleen aakaakuu anniisaa ta'uu isaa ibsuufiin akkamitti akka uumamu hubachiisuuf yaalii sasalphoo kitaaba barataa irratti kaa'aman hojjechiisaa.

Sagaleen wantoota adda addaas gargar kan ta'uu, saffisni hollannaa fi guddinni hollannaa isaaniitiin gargar waan ta'eef akka ta'e sarartoo sibiilaa, mukaa fi pilaastikii minjaala irratti akkuma kitaaba irratti mul'atetti xarrisiisuun mirkaneessaafii.

Sagaleen namaas kan uumamuu qoonqoo isaa keessatti ribuun sagalee sanduuqa sagalee keessa jirtu yommuu hoollattu akka ta'e ibsaafii.

Sagaleen kan uumamu hoollannaa wantoota jajjaboo qofaan miti. Dhangala'oo fi gaasota keessattis ni uumama. Bishaan yommuu burcuqqootti naqamu yookaan laga keessa yaa'u sababa walitti bu'insa bishaanitiin sagaleen akka uumamu; akkasumas, siiqsuun yommuu qilleensi sassabamee afaan keenya seenu yookaan afaan keenya keessaa ba'utti walitti bu'insa qilleensaan akka uumamu fakkeenya godhachuun hollannaa dhangala'oo fi gaasiitiinis sagaleen akka uumamu ibsaafii.

Sagaleen bakka itti uumame irraa akkamittiin gurra namaa akka gahu barattoota gaafadhaa. Itti ansuunis, sagaleen gaasii keessa akka daddarbuu

danda’u haasa’aa amma barattoota waliin godhaa jirtan maal keessaan daddarbee akka isaan qaqqabe yoo gaafattan gahaa dha.

Sagaleen wantoota jajjaboo keessa daddarbuu isaa hubachiisuuf immoo gochoota kitaaba barataa irratti barattoonni lama telefoonii salphaa hojjetanii waliin dubbatan yoo hojjechiistan gahaa dha. Dabalataanis, gocha kanaa gadii hojjechiisaa.

Sagaleen dhangala’oo keessa daddarbuu isaa garuu sadarkaa kanatti mirkaneeffachuun yoo rakkisaa ta’eyyuu namoonni dhidhimsoo (diving) daakan bishaan keessatti waldhagahuu akka danda’an ibsuufii dandeessu. Garuu barattoonni bishaan daakan yoo jiraatan bishaan keessatti sagalee dhagahuu fi dhiisuu isaanii gaafachuun barattoonni akka mirkaneeffatan godhaa.

Walumaagalatti, wanti sagaleen keessa daddarbu (jajjaboo, dhangala’oo fi gaasii yaa’aa akka jedhamu ibsuufiin guduunfaa.

## Meeshaalee Muuziqaa

Meeshaalee muuziqaa ilaalchisee kanneen kitaaba barataa keessatti tarreefamaniin alatti barattootaan kan beekaman jiraachuu waan danda’aniif kanneen naannoo isaaniitti beekaman akka himan taasisaa. Kanuma isaan himan gabatee boronqii irratti barreessuun akkamitti akka fayyadamuun danda’amu gaafadhaa. Itti fufuunis, meeshaalee muuziqaa kanneen akkamitti akka ramadaman gaafadhaa. Kanumarraa ka’uunis, meeshaaleen muuziqaa kan aadaa fi ammayyaa jedhamanii bakka lamatti akka ramadamuu danda’ani hubachiisaa.

Fakkeenyaaf, masiinqoo (ximboo), kiraara, dibbee, kaballaa, ulullee, faaggaa fa’a meeshaalee muuziqaa aadaa akka jedhamani fi gitaara, piyaanoo,

saaksofoonii, tiruumpeetii, diraamii fa’a immoo meeshaalee muuziqaa ammayyaa akka ta’an ibsaafii.

Meeshaalee muuziqaa kanneenii fi kanneen biroos akkaataa itti hojjetan irratti hundaa’uun bakka sadiitti akka ramaduu yaalan taasisaa. Isaan kanas bakka sadiitti

**Kan rukuttaa:** dibbee, kaballaa, diraamii fa’a,

**Kan ribuu**: kiraara, masiinqoo, gitaara, piyaanoo fa’a

**Kan afuuraa**: ulullee, faaggaa, saaksifoonii fa’a ta’uu isaanii ibsuufiin akka hubatan gargaaraa.

Haaluma kanaan fakkiin meeshaalee muuziqaa kitaaba barataa irratti mul’atan akka kanaa gadiitti ramaduun ibsaafi.

Kan aadaa: 1, 5 fi 8

Kan ammayyaa: 2, 3, 4, 6, 7 fi 9

Kan rukuttaa: 2 fi 3

Kan ribuu: 5, 6, 8 fi 9

Kan afuuraa: 1, 4 fi 7

**Madaallii**

- Mata duree kana madaaluuf barattoonni wanta hubatan akka ibsan taasisuu fi gochoota adda addaa raawwachuun akka agarsiisan gochuun madaalaa.
- Piroojektoota hojjetan ilaaluun, akkasumas marii keessatti hirmaannaa taasisan hordofuun madaalaa.

**DEEBII GILGAALA 2.2**

**A. Dhugaa ykn Soba**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. Soba
5. Soba

**B. Filannoo**

1. C
2. A
3. D
4. B
5. B

**C. Deebii gabaabaa**

1. Kan aadaa: masiinqoo, kiraaraa, ulullee, faaggaa fa'a

   Kan ammayyaa: gitaara, saaksifoonii, piyaanoo fa'a

2. Ibidda uumuu, teempireechera dabaluu, boca wantootaa jijjiiruu, faalkaa jijjiiruu fa'a

3. Jajjaboo, dhangala'oo, gaasii

## 2.3 Humna

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Humni ta'ii harkisuu ykn dhiibuu ta'uu ni ibsu.
- Taateewwan humnaa gochaan ni agarsiisu.
- Faayidaa maashinoota sasalphoo ni ibsu.
- Maashinoota sasalphoo tokko tokko addaan ni baasu.
- Maashinoota sasalphoo tolchuun itti fayyadamu.

**Qophii Duraa**

- ✓ Irra jireessi mataduree kanaa gochaa fi yaaliiwwan irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef meeshaalee kanaa gadii fi kanneen biroo mataduree kana salphaatti dhiyeessuuf gargaaran qopheeffadhaa.
- ✓ Taateewwan humnaa agarsiisuuf gargaaran kanneen akka furguggee, ulee jiidhaa fi cedhedha
- ✓ Maashinoota sasalphoo kan akka fonqolchaa, puulii fi bal'insa habalakaa

**Mala Baruu-Barsiisuu**

Maalummaa humnaa qayyabachiisuuf deebii barattoonni gaaffilee kitaaba barataa irratti kaa'amaniif kennan irraa ka'uun fakkii kitaaba barataa keessatti kenname itti agarsiisaa. Namoonni fakkicha irratti mul'atan maal akka gochaa jiran gaafadhaa. Isaanis gochoota walfakkaataa akka raawwatan godhaa. Deebii isaanii fi gocha isaanii irraa ka'uunis humni dhiibuu yookiin harkisuu ta'uu isaa ibsaafii. Yaada isaanii irraa ka'uunis taateewwan humnaa maal fa'a akka ta'an akka hubatan haala mijeessaa.

Haaluma kanaan, fakkii taateewwan humnaa agarsiisuuf kitaaba irratti mul'ifaman keessaa inni jalqabaa kallattii jijjiiruu, kan itti aanu boca jijjiiruu, inni dhumaa immoo sochii jalqabsiisuu yookiin saffisa jijjiiruu humnaa akka agarsiisan ibsaafii.

## Maashinoota Sasalphoo

Barattoonni maashinoota sasalphoo kanneen jedhaman kana keessaa tokko tokko naannoo isaaniitti ittiin fayyadamu ta'a. Garuu maqaa waliigalaa isaanii fi akaakuuwwan isaanii hin beekan ta'a. Kanaafuu, wanta isaan beekan irraa ka'uun waan barbaachisuuf, gaaffilee mariif ta'u hojii maashinoota sasalphootiin hojjetaman gaafadhu.

Kana booda, maashinoonni kunniin meeshaalee humna xinnaa dalageessuun hojii guddaa hojjechuuf nama gargaaran ta’uu isaa ibsaafi. Maqaan waliigalaa isaaniis maashiinoota sasalphoo akka jedhamu hubachiisaa.

## Fonqolcha

Fonqolchi maal akka ta’e ibsuuf, naannoo isaaniitti namoonni akkamitti akka dhagaa fonqolchan gaafadhaa. Deebii isaanii irraa ka’uun maalummaa fonqolchaa erga ibsitaniifiin booda qaamolee isaa tokko tokkoon itti himaa.

Bakka qaamoleen fonqolchaa kun irra oolan irratti hundaa’uunis fonqolchi bakka sadiitti akka ramadamu ibsaafii. Meeshaalee fonqolcha sadarkaa hundayyuu agarsiisuu danda’an salphaatti naannootti waan argamaniif gosa gosaan itti agarsiisuun akka hubatan gargaaraa. Haaluma kanaan, kitaaba barataa keessatti fakkiin faayidaa fonqolcha garaagaraa agarsiisu irratti mari’atanii akka hubatan haala mijeessaa.

## Bal’insa Habalakaa

Waa’ee bal’insa habalakaa barsiisuuf, wanta muuxxannoo isaanii wajjin walqabatu irratti hundaa’uun jalqabuun barbaachisaa dha. Isaan keessaa tokko karaa dha. Barattoonni tabba yommuu bahan kallattiin ol bahuu moo shaffaaxa deemuun akka filatamu gaafadhaa. Itti aansuunis maalummaa bal’insa habalakaa ibsaafii. Dhuma irrattis tartiiba itti bal’insi habalakaa hojjetamu ibsuufiin akka hojjetani piroojektii kennaafii.

## Puulii

Puuliin yeroo hojiirra oolu barattoonni arguu ni danda’u. Kanaafis fakkeenyi gaariin baasuu fi buusuu alaabaati. Kanaafuu, barattoonni waa’ee puulii wanta beekan himuu akka danda’an fakkii puulii kitaaba barataa keessa jiru itti agarsiisuun gaaffilee adda addaa gaafadhaa. Fakkeenyaaf:

- Puulii argitanii beektu?
- Maal irraa hojjetama?
- Naannoo keessanitti namoonni meeshaa kana maaliif itti fayyadamu?

Isaan kana fi kanneen biroo gaafachuun yaada barattootaa hubadhaa. Akkaataa puuliin itti hojjetamus gocha kitaaba barataa irratti kenname barattoota keessan akka hojjetan itti agarsiisaa. Itti aansuunis maalummaa puulii erga ibsitaniifiin booda kitaaba barataa irratti fakkii faayidaa puulii agarsiisu walbira qabuun akka hubatan taasisaa. Itti fufuunis, barattoonni akka puulii tolchan godhaatii faayidaa irra oolchaa. Yommuu puulii tolchanis tartiiba kitaaba barataa irratti taa'e akka hordofan gargaaraa.

**Madaallii**

- Mata duree kana walitti fufiinsaan madaaluuf gaaffii afaanii, gilgaalota kennaman hojjechuu isaanii, akkasumas piroojektii maashinoota tolchuuf kenname haalaan hojjechuu isaanii hordofuun hubannaa isaanii madaaluun mirkaneeffadhaa.

## DEEBII GILGAALA 2.3

**A. Dhugaa ykn Soba**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba
4. Dhugaa
5. Soba

**B. Filannoo**

1. A
2. B
3. A
4. A
5. C

**C. Deebii gabaabaa**

1. Boca wantootaa jijjiiruu, kallattii jijjiiruu, ariitii jijjiiruu, sochii jalqabsiisuu, sochii dhaabuu

2. Humna baay'isuu, kallattii jijjiiruu, ariitii baay'isuu

3. Fonqolcha sadarkaa 1$^{ffaa}$, Fonqolcha sadarkaa 2$^{ffaa}$, Fonqolcha sadarkaa 3$^{ffaa}$

4. a. utubduu b. ba'aa c. humna

## 2.4 Safara

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Meeshaalee safaraa addaan ni baasu.
- Meeshaalee safaraa ni fayyadamu.
- Yunitiiwwan safaraa addaan ni baasu.

**Qophii Duraa**

✓ Barnoota mata duree kanaa dhiyeessuuf kan gargaaran meeshaaleen gargaarsa barnootaa kitaaba barataa keessatti tarreeffamaniiru. Isinis kitaaba kana dursitanii dubbistanii meeshaalee barbaachisan qopheeffachuu qabdu. Isaan keessaa muraasni kanaa gaditti tarreeffamaniiru.

- Ulee meetiraa akaakuu adda addaa
- Siliindarii safaraa
- Madaala hangaa
- Sa'aatii harkaa
- Termoomeetirii fa'a.

## Mala Baruu-Barsiisuu

## Dheerina Safaruu

Barattoonni mala aadaa fi ammayyaan dheerinni akka safaramu kutaa 2ffaatti hamma tokko barataniiru. Kutaa kanattis, kan aadaa fi kan ammayyaa walbira qabanii barsiisuun barbaachisaa dha.

Barattoonni dheerina wantootaa naannoo isaaniitti argamu haa tilmaamani. Tilmaama isaanii kana keessttis yuuniitoota adda addaa gargaaramuu danda'u. Jechuunis yuniitoota aadaa, kan ammayyaa yookiin birqaba wanna biroon ibsuu danda'u. Safarri aadaa walfakkaatina akka hin qabne agarsiisuuf gocha kanaa gadii raawwachuun akka hubatan gargaaraa.

**Gocha**

- Barattoota keessan garee (A, B, C, D) tti qoodaa
- Funyoo dheerina murtaa'e qabu tokko, tokko tokkoon garee ciqileen ykn taakkuun barataa garee isaanii keessaa filatamee akka safaranii galmeessan taasisaa.
- Safara tokkoon tokkoo garee gabatee boronqii irratti barreessaa.
- Safarri waan tokkoo maaliif akka gargar ta'e gaafachuun mariisisuun sababni isaas taakkuun ykn ciqileen barattootaa waan gargar ta'eef akka ta'e ibsaafii.

Mala ammayyaatiin dheerinni wantootaa akkamitti akka safaramu gaafachuun meeshaalee safaraa ammayyaa fakkiin isaanii kitaaba barataa irra jiru maqaa akka dhahan gaafachuun irratti mariisisaa. Walfakkaatina safara ammayyaa akka hubatan gocha kanaa gadii raawwachuun itti agarsiisaa.

- Garee kanaa olitti ijaartanitti gargaaramaa.
- Roga kitaaba Saayinsii Naannoo ulee meetiraatiin akka safaran taasisaa.

- Hamma safara isaaniis gabatee boronqii irratti barreessaa. Safarri garee hundaatuu walfakkaatuu qaba.

Kanumaan walqabsiisuunis yuuniitiin waaltawaa dheerinaa meetira akka ta'e fi yuuniitoonni biroos kan akka mm, cm, km fa'a akka jiran fi hariiroo isaan qaban ibsaafii. Yuuniitoonni kunis dheerina akkamii ibsuuf akka filataman yaada isaanii irraa fudhachuun kanneen armaan gadii akka hubatan gargaaraa.

- Fageenya magaalota lama jidduu - kiiloomeetiraan
- Dheerina dirree kubbaa - meetiraan
- Dheerina roga kitaabaa - seentiimeetiraan ibsuun filatamaa akka ta'e ibsaafi.

## Qabee

Xiyyeeffannoon mataduree kanaa qabee dhangala'oo safaruu dha. Qabeen wantoota jajjaboo shallaggii sadarkaa isaanii hin taane waan of keessaa qabuuf as keessatti hin ka'ani. Haaluma kanaan naannoo isaaniitti meeshaalee qabeen ittii safaramu fi wantoota akkamii safaruuf akka gargaaran gaafadhaa. Meeshaalee isaan tarreessan kanas kan aadaa fi kan ammayyaa jechuun bakka lamatti akka ramadan gaafachuun gabatee boronqii irratti galmeessaa.

Meeshaaleen aadaa safara qabee, naannoo adda addaatti garaagara ta'uu danda'u. Meeshaaleen kunis abooree, xuwwee, okkotee, hubboo, finjaala, wullee, quluu fi kanneen biroos jiraachuu danda'u. Meeshaan safaraa qabee kan ammayyaa immoo siliindarii safaraa akka jedhamu fi iddoo hundattu safara walfakkaataa akka kennani fi hariiroo yuuniitoota qabee ibsuufiin hubachiisaa.

## Hanga (Mass)

Wantoota naannoo isaanitti hangi isaanii safaramu tarreessuun meeshaa maaliin akka safaraman akka himan gaafadha. Akka fakkeenyaattis, midhaan, damma, dhadhaa, shukkaara fi kanneen biroo maqaa dhawuu dandeessu. Barattoonnis meeshaalee safaraa kan aadaa fi kan ammayyaa maqaa waamuu danda'u. Isin meeshaalee aadaa qofa keessaa fudhadhaatii kan isaan hin waamne yoo ta'es ofii itti dabalaatii (Harkee, qunnaa, daawullaa) garaagarummaa isaanii irratti mari'achiisaa.

Mala aadaatiin safarri hanga wantootaa fi qabee wantootaa walmakaa waan ta'eef yaadrimee hangaa adda baasuun ibsaafii.

Meeshaalee safaraa ammayyaa barsiisuudhaaf, wantoonni suuqiitti gurguraman meeshaa akkamiin akka safaraman gaafadhaa. Meeshaalee safaraa kanneen keessaas filuun meeshaalee safaraa hangaa kan ammayyaa akka ta'ani fi isaan kunis madaala hangaa akka jedhaman itti himaa. Madaalli hangaas akaakuu garaagaraa akka jiranii fi isaan keessaas, madaala hangaa cedhedhaa fi madaala hangaa dagalee akka jiran ibsaafii.

## Yeroo

Yeroo ammaa namoonni yeroo safaruuf baay'inaan sa'aatiitti akka fayyadamani beekamaa dha. Garuu otoo sa'aatiin hin qaban ta'e, yeroo akkamitti akka safaran gaafachuun jalqabaa. Aduu, gaaddidduu, baatii, waca simbiraa, ta'iiwwani fi kanneen biroo maqaa dhawuu danda'u

Durii kaasee namoonni haala kanaan yeroo akka safaraa turan itti himaa. Yeroon akkanatti safaramu lakkoofsaan hammana jechuun akka hin danda'amne fi hammi isaas walqixa akka hin taane ibsaafii.

Meeshaan ammayyaa yeroo safaruuf gargaaru sa'aatii akka jedhamu fi akaakuun sa'aatii garaagaraas akka jiran, isaanis: sa'aatii harkaa, penduleemii fi dijitaalaa fa'a akka ta'an ibsaafii. Yuuniitii isaanii fi hariiroo safartoota yeroo kitaaba barataa keessatti kenname akka hubatan gargaaraa.

## Tempireechera

Gaaffilee ka'umsaa kitaaba barataa keessatti ka'aniin barumsa kana jalqabsiisaa. Itti fufuunis yaadrimee tempireecheraa ibsuufiin yuuniitoota tempireechera fi hariiroo isaanii akka hubatan gargaaraa.

## Madaallii

- Yaada isaan marii keessatti akka kaasan, gochoota raawwatanii fi gilgaalota hojjetan hordofuun hubannoo isaanii madaalaa.

**DEEBII GILGAALA 2.4**

**A. Filannoo**

1. C  2. A  3. B  4. A  5. A

**B. Deebii gabaabaa**

1. 5:00, 6:00, 7:00, 8:00
2. 2000 m
3. 2 ℓ

# BOQONNAA SADII: SOCHII NAANNOO KEENYAA

## (Wayitii ramadame: 42)

**Bu`aawwan barnoota boqonnichaa**

Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Biyyeen midhaan oomishuuf barbaachisaa ta`uu isaa hubachuu, akkasumas madabii qopheessuu, biqiltuu dhaabuu fi kunuunsuu, ni danda'u.
- Bineeldota xixiqqoo midhaanii fi nama huban addaan baasuu, hubaatii isaan geessisan himuu fi akkaataa hubaatii kana ittisan ni ibsu,
- Ilbiisota irratti yaalii sasalphaa ni adeemsisu,
- Faayidaa eegumsa kannisaa fi marsaa jireenya isaanii ni ibsu.
- Meeshaalee naannoo isaanitti omishaman addaan baafachuu fi fedhii isaaniif qaban ni agarsiisu,
- Walitti dhufeenya(hariiroo) adeemsa bittaa fi gurgurtaa gidduu jiru ni ibsu,
- Ogummaa saayinsaawaa boqonnaa kana keessatti barabaadamu ni agarsiisu, isaanis, ilaaluu, galmeessuu, addaan baasuu, gaafachuu, safaruu, hiika kennuu, fakkiiwwaniin guduunfuu, waliin haasa`uu, moodeela gochuu fi waliigalanii hojjechuu ni danda`uu.

**Qabxiilee Ijoo**

Boqonnaan kun sochii naannootti adeemsifamu keessaa waa`ee qonnaa fi meeshaalee industirii naannootti omishaman irratti kan xiyyeeffatuudha. Mata duree qonnaa jalatti barattoonni, adeemsa madabii sanyii qopheessuu fi biqiloota facaasanii kunuunsuu gadi fageenyaan hubachuu qabu.

Dabalataanis waa`een ilbiisota nama irratti miidhaa geessisanii, xiyyeeffannoon kennamuufii qaba.

Kana malees boqonnaan kun meeshaalee industirii naannootti oomishamani fi haala kamiin adeemsi bittaa fi gurgurtaa akka adeemsifamu of keessaa qaba.

# 3.1. Qonna (wayitii 30)

## Biyyee fi Omisha Midhaanii

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Gosa biyyee oomisha midhaaniif hunda irra filatamaa ta`e ni himu.
- Amaloota biyyee sondii ni tarreessu.

### Qophii Duraa

- Waa`ee gosa biyyee hunda caalaa biqilootaaf mijataa ta`e, biyyee sondii kitaabilee adda addaa irraa dubbisuun of qopheessaa.
- Biyyee sondii fi biqiltuu biyyee sondii irratti biqilee guddate qopheeffadhaa.

### Mala Baruu Barsiisuu

Barattoonni faayidaa biyyeen oomisha midhaaniif qabu yeroo muraasaaf mar`atanii akka dareef gabaasan taasisaa. Gabaasa isaanii irraa ka`uun waa`ee faayidaa biyyee gadi fageenyaan hubachiisaa.

Itti aansuun gosa biyyee biqiltuuf mijataa ta`ee fi amaloota biyyeen kun qabu akka tarreessan gochuun deebii isaanii irraa fuudhaatii gabatee gurracha irratti barreessaa. Deebii isaanii irratti hundaa`uun ibsa dabalataa akka armaan gadiitti kennaaf.

Biyyeen Sondii amaloota biqilootaaf mijaawaa ta`e kan qabu ta`uu fi amaloonni kunis,

- Ulfaatina waan hin qabneef irratti hojjechuun salphaa akka ta`e,
- Hiddi biqiltuu sirriitti gadi seenuu akka danda`u,
- Bishaan of keessatti qabachuu waan danda`uf dafee akka hin gogne,
- Bo`oo baasuuf mijataa waan ta`eef lolaan akka hin dhiqamne,
- Nyaata biqiltuuf ta`u gahaa akka qabu ibsuun yaada tokko tokkoo isaa irratti akka mari`atan taasisaa.

Dhuma irratti hojiin qotiisaa yeroo gaggeeffamu haala biyyeef kunuunsi taasifamuufii qabuun ta`uu akka qabu, ta`uu baannaan gabbinni biyyee akka hir`atuu fi adeemsa qotiisaa keessatti hir`achaa deemuu gabbina biyyeetiifis sababa kan ta`an tarreessuun hubachiisaa.

Barattoonni gareen biyyee sondii saanduqatti naqanii gara daree isaaniitti fiduun akka biqiltuu irratti dhaabuun kunuunsan taasisaa.

## Madaallii

- Gaaffii kitaaba barataa irratti faayidaa biyyeen oomisha midhaaniif qabu akka ibsan gaafatamaniif deebii akka kennan taasisuun madaalaa.
- Biqiloota barattoonni biyyee sondii irratti dhaabanii kunuunsaniin ilaaluun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

## 2. Biqilootaa Dhaabuu fi Kunuunsuu

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Tartiiba madabii sanyii qopheessuuf hordofamuu qabu ni tarreessu.
- Madabii sanyii ni qopheessu.
- Madabii qophaa`e irratti sanyii tooraan ni facaasu.
- Biqiltuu facaasan ni kunuunsu.
- Ilbiisota biqiloota irratti miidhaa geessisan ni tarreessu.

### Qophii Duraa

- ✓ Fakkii madabii sanyii facaasuuf qophaa`ee argisiisu qopheeffachuu
- ✓ Adeemsa madabii sanyii qopheessuu fi kunuunsa biqilootaaf taasisamuu qabu irratti kitaabolee adda addaa dubbisuun of qopheessuu.
- ✓ Fakkii biqiloota tooraan faca`anii qopheeffachuu
- ✓ Fakkii biqiltuu kunuunsamee guddatee qopheeffachuu.

## Mala Baruu Barsiisuu

Madabii sanyii qopheessuuf tartiibni hordofamuu qaban maal fa`a akka ta`an barattoonni akka tarreessan gaafachuun eegalaa.

Deebii barattootaa irratti hundaa`uun yaada dabalataa akka armaan gadiitti ifa taasisaaf. Madabii sanyii qopheessuuf tartiibni hordofamuu qaban,

- Bakka sirrii filachuu,
- Wantoota lafaraa jiran ciruun qulqulleessuu,
- Qotuu(shooggaruu),
- Madabii qopheessuu,

- Sanyii facaasuu akka ta`an ibsuun tartiibota kana mana barumsaa isaanii keessatti qabatamaan akka hojii irra oolchan taasisaa.

Dabalataan barattoonni mooraa mana barumsaa isaanii keessatti erga madabii qopheessanii booda, madabii irratti sanyiin tooraan yookiin bittinnaa`ee faca`uu akka danda`uu faayidaa isaa fi miidhaa isaa waliin barattootaaf ibsaa. Barattoonnis faayidaa tooraan facaasuun qabu hubatanii madabii qopheessan irratti sanyii tooraan akka facaasan taasisuun hordofanii akka kunuunsan haala mijeessaa.

Itti fufuun sanyiin erga madabii irratti faca`ee biqilee booda kan madabii sana irratti itti fufinsaan guddachuu qaban achuma irratti kunuunsi barbaachisu akka taasisamuu fi ibsuufiin, biqiloonni kuun garuu gara biraatti dabarfamanii dhaabamuu akka qaban fakkeenya isaanii waliin ibsaaf. Biqiloonni akkasii biqiloota gurguddoo kan ta`anii bakka tokkotti walitti siiqanii guddachuu kan hin dandeenye ta`uu qabatamaan hubachiisaa.

Biqiloonni yeroo dabarfamanii dhaabaman of eeggannoon taasisamuufii akka qabu hubachiisaa. Kanaafis, jalqabas ta`e erga dabarfamanii dhaabamanii booda bishaan sirriitti obaasuun barbaachisaa akka ta`e, yeroo dabarfaman hidda isaaniif of eeggannoon taasisamuufii akka qabu hubachiisuun yeroo madabii isaanii irraa dabarsanii dhaaban, akka hojii irra oolchan taasisaa.

Barattoonni biqiloota jala shooggaruu, aramuu fi xaa`oo itti naquun kunuunsa taasisuufii akka qaban ibsuun, kanas mana barumsaa isaanii keessatti qabatamaan akka raawwatan gargaaraa.

Biqilootaaf hordoffiin barbaachisaa ta`e godhamuufii baannaan ilbiisonni nyaattuu ta`an kan sooranni isaanii biqiloota ta`e, kan akka hawaannisaa, hantuutaa, simbirroowwanii, rirma, dhaddee, tuqaa fa`a miidhaa geessisuu

akka danda`an barattootaaf ibsaa. Biqiloonni haala kanaan miidhaman naannoo mana barumsaa yoo jiraatan akka deemanii daawwatan taasisaa.

## Madaallii

- Madabii mana barumsaatti qopheessan hordofuun madaaluu.
- Madabii qopheessan irratti sanyii tooraan facaasan ilaaluun madaaluu.
- Biqiloota yeroo dabarsanii dhaaban of eegganoo isaan taasisan hordofuun madaaluu.
- Biqiltuu dabarsanii dhaabaniif kunuunsa isaan hordofanii taasisan ilaaluun madaaluu.
- Biqilootaaf kunuunsa taasisuun akka ilbiisota nyaattuu ta`aniif hin saaxilamne taasisuu isaaniitiin madaaluun mirkaneeffachuu.

## 3. Ilbiisota Miidhaa Geesisan

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- ➢ Ilbiisota naannoo isaanii miidhaa nama irratti geessisan ni tarreessu.
- ➢ Miidhaa ilbiisotni kun geessisan hir`isuuf tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban ni himu.
- ➢ Marsaa jireenya titiisaa fi bookee busaa ni ibsu.

## Qophii Duraa

Meeshaaleen deeggarsa barnootaa kaayyoo barnoota kanaa galmaan ga`uuf barbaachisan:

- ✓ Fakkii marsaa jireenya ilbiisotaa argisiisu qopheeffachuu.
- ✓ Waa`ee ilbiisota nama irratti miidhaa geessisanii irratti kitaabilee adda addaa dubbisuun of qopheessuu.
- ✓ Fakkii ilbiisota xixiqqoo kan akka titiisaa fi bookee busaa qopheeffachuu.

## Mala Baruu Barsiisuu

Ilbiisota naannoo keessanitti nama irratti miidhaa geessisan maqaa dhahaa? jechuun mata duree kana jalqabaa. Deebii isaaniis gabatee boronqii irratti barreessaa.

Deebii isaanii irraa ka`uun ilbiisota nama irratti miidhaa geessisan maal fa`a akka ta`an ibsaafii. Isaan keessaas waa`ee titiisaa, fi bookee busaa sirriitti hubachiisaa.

Titiisni ilbiisa bakka hundatti argamtu ta`uu, yeroo baay`ee oolmaan ishee bakka balfaan jiru ta`uu barattootaaf ibsaa. Marsaan jireenya titiisaa guutuu(complete metamorphosis) ykn sadarkaa afur kan qabu akka ta`ee fi buuphaa ishee kosii irratti akka buuftu, buuphaanis gara jiisaatti akka guddatu, jiisaan immoo gara puuppaatti akka guddatu fi puuppaan gara titiisa ga`eessaatti akka guddattu fakkiitiin deeggaramuun barattootaaf ibsuun barattoonni akka garaagarummaa isaan gidduu jiru adda baafatan taasisaa. Titiisni bakka oolmaa ishee irraa kan ka`ee fi qaamni ishee kan rifeensi itti baay`atu ta`uu isaa irraa kan ka`e baakteeriyaa baachuun soorata akka faaltu fakkeenyaan deeggaramuun hubachiisaa.

Miidhaa titiisni geessistu baranii qulqullina dhuunfaa isaanii fi kan naannoo isaanii eeggachuu akka danda`aniif, miidhaa titiisni geessistu ittisuuf tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban kanneen armaan gadii ibsaaf,

- Meeshaalee ittiin nyaanni nyaanni olkaa'amu fi ittiin dhiyaatu titiisni akka irra hin qubanne sirriitti qadaaduu,
- Naannoo keenya qulqulleessuu,
- Qulqullina dhuunfaa eeggachuu
- Keemikaala farra ilbiisotaa biifuu fa`i.

Bookeen busaa bakka bishaan ciisaan argamutti akka wal hortu barattootaaf ibsaa. Bookeen busaas akkuma titiisaa marsaa jireenya guutuu kan gaggeessitu ta`uu fi bookeen busaa isheen dhaltuun buuphaa ishee bishaan kuufamaa yookiin lafa caffaa`aa keessatti akka buuftu, buuphaan gara jiisaatti akka guddatu, jiisaan immoo gara puuppaatti, puuppaan gara ga`eessaatti akka guddatu fakkii marsaa jireenya bookee busaa argisiisuun hubachiisaa. Bookeen busaa isheen dhaltuun, dhukkuba busaa akka daddabarsituu fi kanaafis sababa kan ta`e waan dhiiga namaa soorattuuf akka ta`e akka hubatan taasisaa. Barattoonnis nama dhukkuba busaan qabamee arganii kan beekan yoo ta`e hangam akka nama hubu irratti akka mari`atan qajeelchaa. Miidhaa bookeen busaa geessistu ittisuuf tarkaanfii fudhatamuu qabu irratti akka mari`atan haala mijeessaa.

Dhuma irratti marii barattootaa irratti hundaa`uun miidhaa bookee busaan gahu ittisuuf tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban gadi fageenyaan ibsaafii.

## Madaallii

- Ilbiisota naannoo isaaniitti miidhaa geessisan akka tarreessan gochuun madaaluu.
- Marsaa jireenya ilbiisotaa fakkii irraa dareetti ka`anii akka ibsan gochuun madaaluu.
- Miidhaa titiisnii fi bookeen busaa geessisanii fi miidhaa kana of irraa ittisuuf waantoota godhamuu qaban akka ibsan gochuun hubannoo isaanii madaalaa.

## Horsiisa Kanniisaa

## Gahumsa Barachuu Isa xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga barataniin booda,

- Faayidaa kanniisaa ni himu
- Marsaa jireenya kanniisaa ni ibsu

**Qophii Duraa**

- ✓ Fakkii marsaa jireenya kanniisaa argisiisu qopheeffachuu
- ✓ Fakkii gaagura aadaa fi ammayaa qopheeffachuu
- ✓ Barattoonni naannoo isaaniitti bakka kanniisni itti horsiifamu deemanii akka ilaalan haala mijeessuu.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barattoonni gara ogeessa misooma qonnaa ganda isaanii deemanii faayidaa kanniisaa fi marsaa jireenya kanniisaa gaafatanii dhufuun daree keessatti akka gabaasanii irratti mari`atan haala mijeessaa.

Marii barattootaa irraa ka`uun, fayyidaa kanniisaa gadi fageenyaan barattootaaf ibsaa. Kanniisni kan hoomaan jiraattu ta`uu fi horsiisni kanniisaa kan gaggeeffamu gaagura keessatti akka ta`e fakkii gaagura aadaa fi ammayaa argisiisaa barattootaaf ibsaa. Hoomaan kanniisaa tokko bakka sadiitti akka qoodamu: isaanis, kanniisa dalagduu(worker bees), kanniisa kormaa yookiin waabee (drone bees) fi kanniisa mootii(queen bee) ta`uu barattootaaf ibsuun gahee hojii tokko tokkoo isaanii akka armaan gadiitti ibsaafii.

Faayidaan kanniisa dalagduu daraaraa biqilootaa irraa nadhii xuuxuun damma dammeessuu ta`uu, kanniisni kormaan (waabeen) immoo walqunnamtii saalaa kanniisa mootii waliin taasisuu fi hojiin kanniisa mootii immoo buuphaa buusuu akka ta`e hubachiisaa.

## Madaallii

- Faayidaa kannisaa akka ibsan taasisuun madaaluu.

- Marsaa jireenya kannisaa akka fakkiin agarsiisan gochuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

## Caasaa Qaama Alaa Ilbiisoota Xixiqqoo Qo`achuu

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga barataniin booda,

- Leensii harkaatti fayyadamuun caasaa qaama alaa ilbiisota xixiqqoo addaan baasanii ni argisiisu.

## Qophii Duraa

- ✓ Ilbiisota saanduqa keessatti walitti qabanii qopheeffachuu
- ✓ Fakkii caasaa qaama alaa ilbiisotaa argisiisu qopheeffachuu.
- ✓ Mana yaalii keessatti meeshaalee yaaliif ta`an qopheeffachuu

## Mala baruu barsiisuu

Barattoonni caasaa qaama alaa ilbiisota xixiqqoo akka tarreessan gochuun barnoota eegalaa. Deebii barattoota irraa fuutan gabatee boronqii irratti barreessaa.

Deebii barattootaa irratti hundaa`uun caasaan qaama alaa ilbisota xixiqqoo bakka sadiitti kan qoqoodame ta`uu fi ilbiisota kan akka titiisaa, bookee busaa, kanniisaa fi korophisaa walitti qabuun caasaa qaama alaa isaanii kutaa yaalii keessatti leensii harkaatiin akka ilaalan taasisaa. Qaama isaanii kan akka mataa (head), qoma (torax) fi garaa (abdomen) adda baasanii hubachuun akka argisiisan gargaaraa. Kana malees, ilbiisonni kun qaama wal fakkaatu kan akka anteenaa, ija, afaan, qoochoo, miilla, kan qaban ta`uu ilaaluun akka adda baafatan taasisaa.

## Madaallii

- Caasaa qaama alaa ilbisota xixiqqoo adda baasanii akka agarsiisan gochuun madaaluu.
- Qaamota ilbiisota kanneen walfakkeessan, akka addeessan gochuun madaaluu.
- Gilgaala mata duree kanaa kitaaba barataa irratti kennameef akka hojjetan taasisuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

### Deebii Gilgaalaa 3.1

**A. Dhugaa ykn Soba** **B. Filannoo**

1. Dhugaa 5. D 9. D
2. Soba 6. D
3. Soba 7. D
4. Dhugaa 8. C

**C. Deebii Gabaabaa**

10. - bakka sirrii filachuu
    - Wantoota lafa irra jiran ciruu(qulqulleessuu)
    - qotuu(shooggoruu)
    - madabii qopheessuu
    - Sanyii facaasuu

11. –bakka diriiraa fi olka`aa hintaane
    - bakka biyyee gabbataa sondii
    - bishaan ga`aa kan qabu
    - bakka hiddi biqiloota gurguddoo hin geenye
    - bakka bubbee hamaan hin jirre
    - bakka kunuunsuu fi ilbiisota adda addaa irraa ittisuuf mijaawaa ta`e fa`a

12.- biqiloonni qilleensaa fi nyaata gahaa akka argatan taasisa

- aramuu fi shooggaruuf ni mijata
- oomisha gaariitu argama

13. - mataa (head), qoma (horax) fi garaa (abdomen)
14. - dhukkuba busaa dhukkubsattoota irraa gara nama
    fayyaatti daddabarsiti
15.- bo`oo baasuun bishaan ciisaa gogsuu
    - foddaa manaa akka bookee busaa hin seensisnetti cufuu
    - keemikaala farra busaa bakka bishaan ciisuu fi keenyaan manaa irratti biifuu
    - saaphana ittisa bookee busaa, siree ciisichaatti fayyadamuu fa`a
16. – guddinni isaanii ni quucara
    - oomishni gahaan hin argamu
    - hawaannisni, hantuutnii fi simbirroowwan ni balleessu.
17. – Titiisa, Bookee busaa, Korophisa fa`a
18. – damma dammeessuu
    - gagaa hojjechuu
    - Poolineeshinii gaggeessuu fa`a
19. – bakka sadii,
    - dalagduu(workers)
    - Kormaa(drone)
    - Mootii(queen)
20. – buuphaa buusuu

## 3.2. Oomisha Industirii Naannoo (wayitii 12)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga barataniin booda:

- Meeshaalee industirii naannoo isaaniitti argaman ni tarreessu.
- Meeshaalee industirii godoo fi ammayaa adda baasanii ni tarreesu.

- Faayidaa meeshaalee industirii naannootti fayyadamuun qabu ni himu.
- Adeemsa bittaa fi gurgurtaa naannoo isaanii ni ibsu.

**Qophii Duraa**

- ✓ Fakkiiwwan meeshaalee industirii naannoo adda addaa qopheeffachuu

## Mala Baruu Barsiisuu

Barattoonni meeshaalee industirii naannoo akka tarreessan gaafadhaatii deebii isaanii irratti hundaa`uun gosoota meeshaalee industirii addaan baasaatii ibsaafii. Meeshaalee industirii naannoo isaaniitti argamu akka deemanii ilaalanii dareetti gabaasanis taasisaa. Dabalataan faayidaa meeshaalee industirii naannootti fayyadamuun qabu gadi fageenyaan ibsaafii.

Dhuma irratti, adeemsi bittaa fi gurgurtaa meeshaalee, gabaa irratti akka gaggeeffamuu fi akkamiin qarshiin walkeessa akka deemu hubachiisaa.

## Madaallii

- Meeshaalee industirii naannoo isaaniitti aragamu daawwatanii akka gabaasan taasisuun madaaluu.
- Barattoonni meeshaalee industirii godoo fi ammayaa akka tarreessan gochuun madaaluu.
- Faayidaa meeshaalee industirii naannootti fayyadamuun qabu akka himan taasisuun madaaluun.
- Gilgaala mata duree kanaa kitaaba barataa irratti kennameef akka hojjetan taasisuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

## Deebii Gilgaalaa 3.2

## Deebii Gabaabaa

1. -Industirii godoo- sibiila tumuu, suphee dhahuu, gogaa duuguu, wayyaa dhahuu fa`a
   - Industirii ammayaa keessaa- kan saamunaa, huccuu, nyaataa fi dhugaatii, daakuu oomishuu fi kan biroo naannoo isaaniitti argaman.
2. Distii, haaduu, qalqalloo, kutaa, qomee fa`a.
3. Saamunaa, simintoo, sukkaara, waraqaa, barruullee, huccuu, buskuutii, dhugaatii, daakuu fa`a
4. –Meeshaaleen oomishaman otuu gabaa irra hin turiin dafanii akka hojii irra oolan taasisa
   - Galiin industirii biyya keessaa akka saffisaan dabalu taasisa
   - Meeshaalee walfakkaataa biyya alaatii galu bituuf baasii guddaan ba`u ni hafa
   - Guddina biyyaaf gahee guddaa qaba
5. Gabaa
6. Qarshii
7. Geejjibaan
8. Daldaltoota

# BOQONNAA AFUR

# NAANNOO KEENYA (OROMIYAA)

**(Wayitii ramadame: 55)**

## Bu`aawwan Barnoota Boqonnichaa

Barattoonni barnoota boqonnaa kana erga baratanii booda:

- Argama naannoo isaanii naannolee fi biyyoota olla waliin wal bira qabuun addaan baasanii ni himu.
- Haallan teessuma lafa gurguddoo naannoo isaanii addaan baasanii ni hubatu.
- Halluuwwanii fi haala teessuma halluuwwan alaabaa naannoo isaanii fi biyyoolessaa adda baasanii ni beeku.
- Caasaa bulchiinsa naannoo isaaniitii fi dhaabbilee gurguddoo naannoo isaanii keessatti argaman addaan baasanii ni beeku.
- Hambaawwanii fi dabareewwan seenaa naannoo isaanii keessatti argaman qorachuu fi eeguuf fedhii guddaa ni horatu.
- Maqaa gootota naannoo isaanii tarreessuu, hojiiwwan isaanii ibsuu, tattaaffii isaanii dinqisiisachuu fi faana isaanii hordofuuf ni murteessu.
- Mala saayinsawaa beekumsa ittiin dagaagfatan kan akka daawwachuu, galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu, xiinxaluu, fakkiin ibsuu, yaada xumuraa kennuu, wal qunnamuu fi walii wajjin hojjechuuf dandeettii ni horata.

## Qaphxiilee Ijoo

Boqonnaan kun dhimmoota naannoo keessaa waa`ee argama Oromiyaa, haala teessuma lafaa gurguddoo Oromiyaa, alaabaawwan naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa, Caasaa bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa, dabareewwan seenaa naannoo Oromiyaa fi gootota naannoo Oromiyaatti beekaman irratti xiyyeeffata.

Mata duree argama Oromiyaa jedhu jalatti, barattoonni argama birqabaa Oromiyaa, naannolee fi biyyoota olla daangessan waliin wal bira qabuun ibsuu danda`uu qabu.

Haala teessuma lafaa gurguddoo Oromiyaa jalatti barattoonni waa`ee gaarreen, laggeenii fi haroowwan gurguddoo Oromiyaa keessatti argamanii adda baasanii ibsuu qabu. Kana malees, boqonnaa kana jalatti haala teessuma halluuwwanii alaabaawwan naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa fi mallattooleen alaabaawwanii xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabudha.

Dabalataan, caasaan bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa fi dabareewwan seenaa naannoo kana keessatti argaman barattoonni adda baasanii gadi fageenyaan kan hubachuu qabanidha. Dhuma irratti, barattoonni gootota kanaan dura ummata isaaniif bu`aa fakkeenyummaa qabu buusanii darban adda baafatanii fakkeenyummaan yaada isaanii hordofuu akka qabaatan taasisuu irratti hojjetamuu qaba.

## 4.1. Argama Oromiyaa (wayitii 5)

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga barataniin booda:

- Argama naannoo isaanii naannolee Ollaa wajjin wal bira qabuun ni himu

## Qophii Duraa

- ✓ Kaartaa naannoo Oromiyaa, Kaartaa Itoophiyaa fi Kaartaa Afrikaa qopheeffadhaa.
- ✓ Waa`ee argamaa Oromiyaa fi naannolee biroo irratti kitaabilee adda addaa dubbisuun hubannoo cimsachuun of qopheessaa

## Mala Baruu Barsiisuu

Argama bir-qabaa jechuun maal akka ta`e barattoota gaafachuun barnooticha eegalaa. Deebii isaanii irratti hundaa`uun, bakka tokko waan isa daangessee jiruun wal bira qabanii ibsuu akka ta`e fakkeenyaan deeggaramaatii ibsaafii.

Mooraan mana barumsaa isaanii kallattii arfaniin maaliin akka daangeffamee argamu gaafadhaa. Yaada isaan kennan irratti hundaa`uun, Kaartaa Itoophiyaa fi Afrikaa irratti bakka Oromiyaan itti argamtu argisiisaa, naannolee fi biyyoota Oromiyaa daangessan kallattiilee isaanii wajjin akka armaan gadiitti ibsaafii.

Oromiyaan:

- Kaabaan mootummaa naannoo Amaaraa fi Affaariin,
- Kibbaan- biyya Keeniyaan,
- Bahaan- mootummaa naannoo Sumaaleen,
- Dhihaan- mootummaa naannolee Gaambeellaa fi Beni-shaangul Gumuziin akkasumas biyya Sudaan kibbaan,
- Kibba Lixaan- mootummaa naannoo saba, sab lammii fi ummatootaa kibbaan daangeffamtee argamti.

Mootummoota naannolee Itoophiyaa keessaa kan mootummaa naannoo Oromiyaa hin daangessine mootummaa naannoo Tigiraay qofa ta`uu hubachiisaa.

Kitaaba irraa ilaaluun kaartaa Oromiyaa garagalchuun boca isaa akka hubatan shaakalsiisaa.

Kaartaa Oromiyaa irratti godinaalee Oromiyaa adda addaa kaartaa irraa akka dubbisan gochuun faayidaa kaartaa hubachiisaa. Kanuma irratti hundaa`uunis barattoonni kaartaa irraa wantoota adda addaa dubbisanii akka hubatan gargaaraa.

## Madaallii

- Naannoolee fi biyyoota olloota Oromiyaa ta`an kallattii ittiin daangessan waliin akka himan gochuun madaaluu.
- Kaartaa Itoophiyaa irratti boca kaartaa Oromiyaa beekanii addaan baasanii argisiisuu danda`uu isaanii hordofanii madaaluu.
- Kaartaa Oromiyaa fi olloota ishee agarsiisu kitaaba isaanii irraa dabtara isaanii irratti akka galagalchan hojii manaa kennuufiin qulqullinaan hojjechuu isaanii madaaluu.
- Gilgaala mata duree kanaa kitaaba barataa irratti kennameef akka hojjetan taasisuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

### Deebii Gilgaalaa 4.1

### I. Filannoo

1. D
2. A
3. C
4. C
5. A

## 4.2. Haala Teessuma Lafaa Gurguddoo Oromiyaa (wayitii 10)

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga baratanii booda:

- Haala teessuma lafaa gurguddoo naannoo Oromiyaa keessatti argaman addaan baasanii ni ibsu.
- Teessuma lafaa gurguddoo fakkeenya kennuun ni ibsu.

### Qophii Duraa

- ✓ Kaartaa Oromiyaa, kartaa Itoophiyaa fi kaartaa Afrikaa
    - kanneen teessuma lafaa, faca`insa laggeenii fi haroowwanii agarsiisan qopheeffachuu.
- ✓ Moodela teessuma lafaa fi fakkii teessuma lafaa qopheeffachuu.
- ✓ Kitaabilee haala teessuma lafaa Oromiyaa irratti barreeffaman gadi fageenyaan dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Haalli teessuma lafa naannoo jireenya isaanii maal akka fakkaatu akka himan gaafadhaa. Deebii isaanii irratti hundaa`uun haalli teessuma lafa Oromiyaa wal fakkaataa akka hin taane ibsaafii. Teessumni lafa naannoo Oromiyaas gaarreen walqabatoo, pilaatoo, sulullan laggeenii fi lafa dakee adda addaa kan of keessaa qabu ta`uu kaartaa irratti agarsiisaa barattootaaf baldhinaan ibsaafii.

Sululli qinxamaa Guddaan Baha Afrikaa Oromiyaa bakka lamatti addaan qoodee darbuu isaa kaartaan deeggaramuun barattoonni dabaree dabareen ka`anii akka argisiisan gargaaraa.

Dabalataan lafa olka`aa fi lafa dakee karaa bahaa, lafa sululaa akkasumas lafa olka`aa fi lafa dakee karaa dhihaa naannoo isaanii fakkeenya kennuun kaartaa irraa akka argisiisan taasisaa.

Laggeen gurguddoo Oromiyaa keessatti argaman naannoo ka`umsa isaanii fi kallattii itti yaa`an kaartaa irratti akka agarsiisan haala mijeessaa.

Akkasumas, harawwan gurguddoo Oromiyaa keessatti argaman barattoonni kaartaa irratti hubatanii akka adda baafatan taasisaa.

Dhuma irratti haalli teessuma lafaa kaartaa irratti akaakuuwwan halluutiin akka addaan bahuu fi kunis kaartaa haala teessuma lafaa argisiisu kam irratti iyyuu dhaabbataa akka ta`e haala armaan gadiitiin akka hubatan taasisaa.

- Halluu diimaan- lafa olka`insa guddaa qabu bakka bu`a,
- Halluu keelloon- lafa olka`insa gidu galeessaa qabu bakka bu`a,
- Halluun magariisaa- lafa dakee bakka bu`a, akkasumas
- Halluun cuquliisaa immoo qaama bishaanawaa bakka bu`a.

## Madaallii

- Halluu adda addaatti fayyadamuun haala teessuma lafaa, laggeenii fi harawwan naannoo isaanii kaartaa irratti kaasanii akka agrsiisan gochuun madaaluu.
- Sulula Qinxamaa Guddaa, naannoo Oromiyaa bakka lamatti hiree darbu, moodela irraa hojjechuun akka agarsiisan taasisuun madaaluu.
- Laggeenii fi harawwan gurguddoo naannoo isaanii keessatti argaman akka tarreessan taasisuun madaaluu.
- Gilgaala mata duree kanaa kitaaba barataa irratti kennameef akka hojjetan taasisuun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

### Deebii Gilgaalaa 4.2

#### Filannoo

1. A
2. A
3. C
4. B
5. B
6. D
7. B
8. D
9. C
10. A

## 4.3. Alaabawwan Naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa (wayitii 5)

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga baratanii booda,

- Gosootaa fi haala teessuma halluwwanii fi asxaa alaabaa naannoo Oromiyaa addaan baasanii ni ibsu.
- Gosaa fi haala teessuma halluwwanii fi asxaa alaabaa biyyoolessaa addaan baasanii ni himu.

### Qophii Duraa

- ✓ Alaabaa naannoo Oromiyaa fi alaabaa Itoophyaa qopheeffachuu.
- ✓ Kaartaa alaabaan Oromiyaa irratti ka`e fi kaartaa alaabaan biyyoolessaa irratti ka`e qopheeffachuu.

### Mala Baruu Barsiisuu

Barattoota, haala teessuma halluuwwanii fi mallattoolee alaabaa naannoo isaanii fi biyya isaanii irra kaa`amee jiru irratti yeroo gabaabaaf akka mari`atan taasisuun eegalaa. Yaada isaan kennan irratti hundaa`uun, haala teessuma halluuwwan alaabaa Oromiyaa fi Itoophiyaa gadi fageenyaan ibsaafii. Dabalataan, waraqaa bal`aa irratti Kaartaa Oromiyaa fi Itoophiyaa kaasanii alaabaa Oromiyaa fi Itoophiyaa kaasuun akka argisiisan gargaaraa.

Dibaan halluu alaabaa Oromiyaa dalga walcina kan sararamu ta`uu fi olii gara gadiitti diimaa, adii fi gurraacha yoo ta`u, kan Itoophiyaa immoo irri isaa magariisa, gidduun keelloo fi jalli isaa diimaa ta`uu hubachiisaa. Halluu Magariisni Alaabaa Itoophiyaa lalisa argisiisa, Keelloon immoo abdii fi hawwii bara dheeraa yoo argisiisu, Diimaan immoo gootummaa fi wareegama argisiisa.

Halluuwwan alaabaa Oromiyaa Diimaan gootummaa, wareegama, qabsoo fi injifannoo argisiisa. Adiin, badhaadhina, nageenya, abdii fi dimokiraasii bakka bu`a. Gurraaachi, amantii, miidhagina, qulqullummaa fi qabeenya argisiisuu fi

mallattoon odaa ammoo, tokkummaa aadaa, seenaa, seera giddu galeessummaa fi qabbana bakka bu`uu hubachiisaa.

Dhuma irratti Alaabaawwan Oromiyaa fi Itoophiyaas kaasanii daree isaanii keessatti akka fannisan taasisaa.

## Madaallii

- Barattoonni tartiiba dibaa halluu alaabaa naannoo isaanii fi kan biyyoolessaa qayyabachuu isaanii gaaffii afaaniin madaaluu.
- Alaabaa naannoo isaanii fi kan biyyoolessaa waraqaa guddaa irratti kaasanii akka fidanii daree keessatti maxxansan taasisuun madaaluu.
- Barattoonni kaayyoo halluuwwan alaabaa naannoo fi biyyoolessaa irratti argamanii akka barreessan gochuun madaaluu.
- Gilgaala mata duree kanaa kitaaba barataa irratti kennameef akka hojjetan taasisuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

## Deebii Gilgaalaa 4.3

## Deebii Gabaabaa

1. -Gubbaan isaa diimaa
    - Gidduun isaa adii fi
    - Jalli isaa gurraacha dha
2. -Magariisa- lalisa bakka bu`a
    - Keelloo- abdii fi hawwii bara dheeraa bakka bu`a
    - Diimaan- wareegamaa fi gootummaa agarsiisa.
3. Saboonni, sab lammoonni fi ummatonni Itoophiyaafi amantiiwwan isaanii walqixxummaa fi tokkummaan jiraachuuf abdii qaban calaqqisiisa.
4. – Seenaa gootummaa ummata Oromoo
    - Seenaa ummatichaa fi seeraa fi heera isaa
    - Qabsoo wareegamaa fi injifannoo argame
    - Hawwii ummanni jireenya fooyya`aa gara fuulduraaf qabu

5. Mallattoo Odaa

## 4.4. Caasaa Bulchiinsaa (wayitii 10)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni erga barnoota mata duree kanaa barataniin booda,

- Caasaalee bulchiinsa naannoo isaanii ni himu.

## Qophii Duraa

- ✓ Chaartii Caasaa fi gurmaa'ina bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa argisiisu qopheeffachuu.
- ✓ Kaartaa Itoophiyaa, kan naannoo Oromiyaa fi kan godina isaanii qopheeffachuu.

## Mala Baruu Barsiisuu

Dursaatii barattoonni waa`ee caasaa bulchiinsa naannoo isaanii irratti bulchiinsa gandaa yookiin aanaa naannoo isaanii bira deemanii odeeffanno akka argatan haala mijeessafii. Isa booda, odeeffannoo argatan daree keessatti dhiyeessanii akka irratti marii taasisan jajjabeessaa.

Yaada isaanii irratti hundaa`uun caasaan bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa, bulchiinsa naannoo, kan godinaa, aanaa fi gandaa kan qabatu ta`uu chaartiitti fayyadamuun ibsaafii. Dabalataan, bulchiinsi mootummaa naannoo Oromiyaa qaama seera tumu, seera raawwachiisuu fi seera hiiku akka qabu hubachiisaa. Caasaa bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti, qaamni olaanaan mootummaa naannoo Oromiyaa, Caffee Oromiyaa ta`uu isaa qayyabachiisaa. Akkasumas, miseensonni Caffee kanaa ummata naannichaa kan bakka bu`an ta`uu fi qaama seera tumu ta`uu isaanii akka irratti mar`atanii hubatan gargaaraa.

Gahee hojii fi itti gaafatamummaan bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaas akka armaan gadiitti ifa taasisaafii.

- Seeraa fi heera naannoo tumuu,
- Seerri fi heerri akka kabajamu taasisuu,
- Nageenya naannoo eeguu fi naannolee biroo waliin walta`uun nageenya biyyaa eeguu,
- Mirga lammiiwwaniif eegumsa taasisuu,
- Qabeenya naannoo kunuunsuu,
- Hojii waajirootaa fi dhaabbilee adda addaa qindeessuu fi hoogganuu,
- Dhimma hawaasaa hordofuu fi raawwachuu fa`a.

Kaartaa mootummaa naannoo Oromiyaa bulchiinsa godinaalee argisiisutti fayyadamuun ibsa gahaa irratti kennaa. Bulchiinsi mootummaa naanno Oromiyaa godinaalee 18 fi bulchiinsota magaalaa sadarkaa godinaatti ijaaraman 6 tti addaan kan qoodame ta`uu hubachiisaa.

Bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti, qaamni seera raawwachiistuu, waajiraalee fi biirolee adda addaa akka naannootti kan qabuu fi isaan kun sadarkaa godinaattis ta`e sadarkaa aanaatti kan jiran ta`uu barattootaaf ibsa gahaa kennaa.

Dhaabbilee mootummaa fi miti- mootummaa naannoo isaaniitti argaman akka daawwatan taasisaatii garaagarummaa isaanii akka adda baafatan taasisaa.

Dhaabbileen barattoonni daawwatan dhaabbilee barnoota olaanaa yoo ta`e gaarii ta`a. Sababni isaa barattoonni kun deemanii ilaaluun gara fuulduraatti cimanii barachuun dhaabbilee akkasii keessa akka seenanii barachuuf mul`ata qabaatan isaan gargaara.

## Madaallii

- Barattoonni caasaa bulchiinsa naannoo isaanii akka ibsan taasisuun hangam akka qayyabatan madaaluu.

- Qaamman bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa akka tarreessan taasisuun madaaluu.
- Barattoonni kaartaa naannoo isaanii kan bulchiinsa godinaalee argisiisu akka kaasanii dhiyeessan gochuun madaaluu.
- Gilgaala mata duree kanaa kitaaba barataa irratti kennameef akka hojjetan taasisuun madaaluun hubachuu isaanii mirkaneeffadhaa.

## Deebii Gilgaalaa 4.4

## Filannoo

1. C  2. D  3. C  4. C  5. C

## 4.5. Dabareewwan Seenaa (wayitii15)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni erga barnoota mata duree kanaa barataniin booda,

- ➢ Dabareewwan seenaa naannoo isaanii ni ibsu.
- ➢ Naannoo isaanii keessatti bakkeewwan gurguddoo daawwattoota (turistoota) hawwatan addaan baasanii ni ibsu.
- ➢ Dabaree kunuunsuu fi eeguuf fedhii ni horatu.

## Qophii Duraa

- ✓ Kaartaa Itoophiyaa, kaartaa Oroomiyaa bakkeewwan dabareewwan seenaa argisiisan qopheeffachuu.
- ✓ Fakkewwan meeshaalee adda addaa, dabareewwan seenaa fakkiiwwan masarootaa fi bakkeewwan waaqeffannaa argisiisan qopheeffachuu.
- ✓ Meeshaalee qabatamaa dabareewwan ta`an kanneen akka eeboo, gaachana fa`a qopheeffachuu.

## Mala Baruu Barsiisuu

Waa`ee seenaa ummata Oromoo manguddoota naannoo isaanii gaafachuun daree keessatti gabaasanii, akka irratti mar`atan taasisaa. Yaada isaanii kana irraa ka`uun, ummanni Oromoo yeroo dheeraatiif naannoo amma jiru keessa jiraachaa kan turee fi qaroomina mataa isaa kan qabu ta`uu, qaroomina kana keessaa bulchiinsa Sirna Gadaa qabaachuu isaa fi sirni bulchiinsaa kunis sirna dimokiraatawaa ta`uu, akkasumas, haala adeemsa sirna bulchiinsa kanaa gadi fageenyaan ibsaafii. Dabalataan maanguddoota naannoo waa`ee Sirna Gadaa beekan affeeruun barattootaaf akka ibsa kennan taasisuun, barattoonni waan isaaniif hingalle akka gaafatanii caalaatti hubatan jajjabeessaa.

Itti aansuun maalummaa dabareewwn seenaa, gosoota dabareewwan seenaa, bakkeewwan dabareewwan seenaa kuniin itti argamanii fi kunuunsa dabareewwan kanneeniif taasisamuu qabu irratti ibsa gahaa kennaafii. Dabalataanis naannoo isaaniitti bakka dabareewwan seenaa itti argaman deemanii daawwachuun waan argan dareetti akka gabaasan haala mijeessaafii.

**Madaallii**

Barattoonni barnoota kana haalan qayyabachuu isaanii mirkaneessachuuf,

- Dabareewwan seenaa ummata Oromoo akka ibsan gochuun madaaluu.
- Bakkeewwan tuuristoota hawwatan akka tarreessan gochuun madaaluu.
- Bakkeewwan dabareewwan seenaa ilaalanii akka gabaasan taasisuun madaaluu fa`a.

## Deebii Gilgaalaa 4.5

## Filannoo

1. A 2. D 3. A 4. A 5. D

## 4.6. Gootota Naannoo Oromiyaa keessatti Argaman (wayitii10)

**Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota kana erga xumuraniin booda:

Gootota naannoo isaaniitti:

- Hojiiwwan gootota ni himu
- Maqaa gootota naannoo isaanii ni tarreessu.
- Tattaaffiiwwan gootonni naannoo isaanii taasisan ni danqisiifatu
- Hojiiwwan gootonni naannoo isaanii raawwatan hojjachuuf fedhii ni horatu.

## Qophii Duraa

- ✓ Fakkiiwwan gootota naannoo isaanii qopheeffachuu
- ✓ Kitaabilee dabalataa waa`ee seenaa gootota kanaa fi bu`aa isaanii ibsan dubbisuun hubannoo cimsachuu.

## Mala baruu barsiisuu

Gootota naannoo Oromiyaatti beekaman tarreessuun hojiiwwan isaan ittiin beekaman irratti marii gaggeessanii akka dareef gabaasan taasisaa.

Yaada barattootaa kana iraa ka`uun naannoo Oromiyaa keessatti gootota hojii,

- Muuziqaa , fakkii fi ispoortiin,
- Loltummaan,
- Saayinsii fi Tekinoloojiin,
- Kunuunsaa fi eegumsa naannoo fi
- Misoomaan beekaman tarreessuun barattootaaf ibsa baldhaa kennaa.

Dabalataan barattoonni fakkii gootota kanaa daree keessatti maxxansuun dabaree dabareen ka`anii akka argisiisanii maqaa dhahan taasisuu. Akkasumas kitaabilee adda addaa, seenaa fi bu`aa gootota kanaa ibsu dareetti barattootaaf dubbisuun akka irratti mar`atan taasisaa

**Madaallii**

- Gaaffii afaaniitiin gootota naannoo isaanii akka tarreessan gochuun madaaluu.
- Gaaffii barreeffamaan maqaa gootota naannoo isaanii tarreessuun hojii isaanii akka ibsan taasisuun madaaluu.
- Gilgaalota kitaaba barataa irratti kenname akka hojjetan taasisuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffa dhaa.

## Deebii Gilgaalaa 4.6

## Deebii Gabaabaa

1. -Abbabaa Biqilaa
    - Haayilee G/Sillaasee
    - Daraartuu Tulluu
    - Qananiisaa Baqqalaa
    - Geexee Waamii
    - Faaxumaa Roobaa
    - Xurunesh Dibaabaa
2. Lammaa Guyyaa
3. -Abdiisaa Aagaa
    - Baalchaa Abbaa Nafsoo
    - Garasuu Dhukii fa`i

# *SIILABASII BARNOOTA SAAYINSII NAANNOO*

## *KUTAA 3*

## *Kaayyoowwan Gooroo Barnota Saayinsii Naannoo kutaa 3ffaa*

### *I.Hubannoo fi beekumsa barattootaa guddisuu ilaalchisee*

Adeemsaa fi xumuura barnoota kutaa kanaatti:

- Gatuulee nyaataa arfanii fi nyaata madaalamaa ni huatu.
- Sababoota,miidhaa fi ittisa faalama nyaataa addaan baasanii ni hubatu.
- Qulqullina dhabuu maatii fi naannootiin dhibeewwan akka nama qaban ni beeku.
- Dhiibbaawwan dhukkubni AIDS baarttoota, maatii fi hawaasa irraan gahuu akkasumas namoota vaayirasii HIV/AIDS wajjin jiraatan jaalachuu fi yaaduufii akka barbaachisu ni hubatu.
- Faayidaa boqonnaa fi bashannanni nageenya maaatiif  qabu nihubatu.
- Faayidaa fi maloota kunuunsa qabeenya uumamaa ni qayyabatu.
- Hoo’i, iftii fi sagaleen akaakuuwwan annisaa ta’uu ni hubatu.
- Humna ,taatee humnaa, maashinoota sasalphoo fi meeshaale safaraa ni beeku.
- Biyyeen midhaan nyaataa guddisuuf(biqilchuuf) akka gargaaru ni beeku
- Karaalee ilbiisonni midhaanii fi nama ittiin miidhan ni hubatu.
- Marsaa jireeenyaa kanniisaa fi faayidaa isaa ni hubatu.
- Aadeemsa bittaa fi gurgurtaa fi wantoota naannoo Oromiyaatti oomishaman ni hubatu.
- Argama birqabaa Oromiyaan naannolee biroo waliin qabdu fi haallan teessuma lafaa gurguddoo Oromiyaa ni hubatu.
- Caasaalee bulchiinsaa, dhaabbilee gurguddoo, dabareewwan seenaa fi aadaa fi gootota Oromiyaa ni hubatu.

### *II. Dandeettii fi Ogummaa barattootaa guddisuu ilaalchisee*

- Qulqullina maatii fi naannoo eeguu ni danda’u.

- Yeroo boqonnaa isaanii sirnaan fayyadamuu ni danda'u.
- Taateewwan hoo'aa ,ifaa,sagalee,humnaa fi maashinoota sasalphoo irratti yaaliiwwan sasalphoo gaggeessuu ni danda'u
- Meeshaalee safaraa fayyadamuu ni danda'u.
- Meeshaalee muuziqaa akaakuun addaan baasanii ramaduu ni danda'u.
- Madabii biqiltuu qopheessuu,biqiltuu dhaabuu fi kunuunsuu ni shaakalu.
- Caasaalee qaamolee alaa ilbiisotaa qo'achuun addaan baasuu ni danda'u.
- Argama birqabaa Oromiyaa naannoolee biroo waliin walbira qabuun agarsiisuu ni danda'u.
- Gareen hojjechuu,walgargaaruu,walkabajuu fi wal jaalachuu ni danda'u.
- Ogumaalee qo'annoo saayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ilaaluun hubachuu,gaafachuu, galmeesuu, ramadu, safaruu, moodela hojjechuu, gudunfuu, mari'achuu fi waliin hojechuu shaakaluu ni danda'u.

## *III. Amalaa fi ilaalcha barattootdaa guddisuu ilaalchisee*

- Namoota vaayirasii HIV/AIDS wajjiin jiraatan jaalachuu fi yaaduufii ni danda'u.
- Uumama dinqisiifachuu, fi jaalachuu ni danda'u.
- Wantoota naannootti oomishaman filachuuf fedhii ni horatu.
- Yeroo boqonnaa isaaniitti sirnaan itti ni fayyadamu.
- Dabareewwan naannootti argaman walitti qabuu fi kunuunsuuf fedhii ni horatu.
- Gootota beekamoo naannoo isaanii dinqisiifachuun fakkeenya isaanii hordofuuf fedhii ni horatu.
- Gochaawwan biqiltuu dhaabuu irratti hirmaachuuf fedhii ni horatu.
- Bishaan qusannaan itti fayyadamu.
- Fedhii waliin hojjechuu, walgargaaruu, walkabajuu fi wal jaalachuu ni horatu.

# BOQONNAA 1: NYAATA FI FAYYAA MAATII (Wayitii 45)

## *Kaayyoowwan Gooroo*

Barattoonni adeemsa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Amaloota nyaata gaarii ni ibsu.
- Sababoota, miidhaa fi maloota ittisa faalama nyaataa addaan ni baafatu.
- Qulqullina maatii fi naannoo gochaan ni agarsiisu.
- Dhibeewwan qulqullina eeguu dhiisuun dhufan ni tarreessuu.
- Faayidaaa yeroon boqonnaa fi bashaananaa fayyaa maatiif qabu ni hubatu.
- Yeroo boqonnaa isaanii sirnaan ni fayyadamu.
- Dhiibbaa dhibeen AIDS, maatii, hawaasaa fi jireenya dhuunfaa isaanii irratti fidu ni ibsu.
- Namoota HIV/AIDS waliin jiraatan jalaalaan offitti qabuu fi yaaduufii ni danda'u.
- Ogummaalee qo'annoo saayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman kanneen akka ilaaluu, galmeessuu, ramaduu, safaruu, hiikkaa kennuu, gudunfuu, mari'achuu fi waliin hojjechuu shaakaluun ni mul'isu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| *Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:*<br>• Gartuulee nyaataa arfan ni tarreessuu.<br>• Faayidaa gartuulee nyaata arfan ni himu.<br>• Nyaanni madaalamaan gartuulee | **1. Nyaataaf fi fayyaa maatii**<br>***1.1* Nyaata (Wayitti 20)**<br>◈ Amaloota nyaata mijaa'aa<br>- Gartuulee bu'uuraa nyaataa arfan<br>Nyaata madaalamaa | Barattoonni gartuulee bu'uuraa nyaataa arfan akka armaan gaditti addaan haa baasan. Kuduraa fi fuduraa midhaan sanyii, foon, fi bu'aa aannaniiti.Gartuulee nyaataa armaan oliitiif fakkeenya ta'uu danda'an tokko tokkoon isaaniif akka kennan gochuun qaama keenyaf wantoota barbaachisaa kan kennan ta'uu akka hubatan gochuu.<br>Gartuuleen nyaataa adda addaa qaama keenyaaf faayidaa adda addaa waan kennaniif nyaanni barbaachiisaa ta'uu isaa akka barattoonni ibsan taasiisuun yaada ka'umsaa waa'ee nyaata madaalamaa irrratti ibsa kennuufii.<br>• Barattoonni nyaataa madaalamaa gareen akka qopheessan gochuu.<br>• Barattoonni akka mana nyaataa (ristooraatii) qaban fakkeessanii baafata nyaataa (meenuu) nyaata madaalamaa agarsiisu haa qopheeffatan. Baafata nyaataa kanas gara kaardiitti garagalchanii haa miidhagsan.<br>• Barattoonni fakeenya qabatamaa, ta'e kaasuun waa'ee faalama nyaataa irratti akka miri'atan gochuu. Fakkeenyaaf, summaa'uu nyaataa ayyaana |

| | | |
|---|---|---|
| nyaataa arfanuu qabachuu isaa ni ibsu. | | yookiin cidha tokko booda isaan qunnamee |
| -Sababoota faalama nyaataa addaan ni baafatu. | Sababoota faalama nyaataa | Barattoonni sadarkaawwan midhaan guddachuu hanga fayyida nyaataaf ooluu danda'utti addaan baasani beekuu qabu. Keessattuu, haala nyaanni organizimoota miidhaa fidaniin itti faalamuu danda'u akka beekan taasisuu. Qabxilee armaan gadii irrati marii gaggessuu.<br>- Nyaata fayyadamuu ykn gabaa irra oolchuun dura akkammitti olkaa'anii tursuun danda'amaa?<br>• Nyaanni titiisni akka irra qabatuuf saaxilameeraa?<br>• Nyaanni kan akka ilbiisootaa arraabduu faan weeraramerraa? |

| ***Kaayyoowwan Gooree*** | ***Qabiyyee*** | ***Mala baruu barsiisuu*** |
|---|---|---|
| | | Nyaanni bakka qulqulluutti qophaa'aa?<br>- Bakka lassanamaa, ta'e fi dhuluqluqaa hintaane fi organizimoonni miidhaa fidan irratti wal horuu hin dandeenyee irraatti qophaa'aa?<br>- Iddoo nyaanni itti qopha'u qulqulluudhaa?<br>- Meeshaaleen nyaata itti bilcheesaanii fi nyaata itti dhiyeessan jarmoota irraa bilisaa?<br>- Namni nyaata qopheessu jarmoota nyaata faalan irraa bilisaa?<br>• Namni nyaata qopheessu dhukkuba karaa nyaataa daddarbuun qabameeraa?<br>Nyaanni kun bishaan qulqulluun qophaa'ee?<br>Bishaan nyaanni ittiin qophaa'u organizimoota karaa nyaataa darbuun miidhaa fiduu danda'an of keessa qabaa ? |
| -Miidhaawwan faalama nyaataa addaan baasuun ni ibsu. | ◈ Miidhaawwan faalama nyaataa | -Faayidaa qulqullinaa yommuu nyaata qopheessaanii irratti xiyyeeffachuu fi nyaanni orgaanizimoota miidhaa fidaniin yoo faalame akka dhibee fiduu danda'u barattootaf ibsuu.<br>Nyaata faalame nyaachuun rakkoo yeroo dheeraa fi gabaabaa namarraan kan gahuu fi hanga nama ajjeesuutti ille akka gahu ta'uu ibsuufii.<br>- Yeroo ballaqama/hooqqisa/ nyaanni garaa keessaa yommuu afaaniin alatti bahuu fi garaa kaasaa (baasaa) xuraawaan bifa dhangala'ootiin alatti yommuu bahu miidhaa fidu barattoonni akka irratti mari'atan gochuu.<br>- Gama lachiinuu bishaan qaama keessa alatti baha. Bishaan alatti bahe kana immoo yoo dhukkubni ille itti dhagahamee bishaan dabalataan dhuguun bakka buusuun barbaachisaa ta'uu isaa irratti akka mari'atan gochuu.<br>- Barattoonni dhibeewwan akka kooleeraa, garaa kaasaa fi raammoo maagaa irraa of eegganoo akka godhaaniif kilinkaa ykn hosipitaalaatti akka fayyadaman taasisuu.<br>- Sababoota faalama nyaataan rakkoowwan mudatan fakkeenya qabatamaa kaasuun barattoonni akka irratti mari'atan gochuu.<br>Nyaanni kan faalamu yeroo cidhaa yookiin ayyanna adda addaa fi maatiin |

| | | |
|---|---|---|
| | | walitti dhufuun nyaata nyaachuun booda ta'uu isaa akka irratti mari'atan gochuu. |
| -Maloota ittisa faalama nyaataa addaan baasuun ni ibsu. | • Faalama nyaataa ittisuu.<br>• Nyaanni yookiin dhugaatiin faalamuu isaa beekuu. | Sadarkaa hundattuu qulqullinaan nyaata qopheessuun barbaachisa ta'u isaa barattoonni hubaannoo argachuu qabu.<br>Qabxilee armaan gadii irratti mari'achiisuu.<br>• Nyaata iddoowwan ilbiisonni hin qaqqabne ol kaa'uu.<br>• Wantoonni nyaata qopheessuuf fayyadan qulqulluu ta'uu qabu.<br>• Namni nyaata qopheessu harki isaa fi qeensi isaa qulqulluu ta'u qaba.<br>Barattoonni barbaachisummaa nyaata sirriitti qopheessuu fi dinqisiifachuu qabu.<br>Yoo nyaanni bilchaate orgaanizimoonni nyaata faaluu danda'an ni du'u.<br>Nyaanni sirriitti hin bilchaanne, fakkeenyaaf foon sirriitti hin bilichaanne faalamuu ni danada'a. |
| | | Barattoonni abbootii mana nyaataa /Riistorantii) fakkeessuun tartiiba ittiin nyaata isaan itti qopheessuu danda'anii fi orgaanizimoota miidha fidaniin akka hin faalamne himuun amansiisuu danda'uu qabu.<br>Barattoonni nyaanni foolii fi dhandhama addaa qabu yookiin bishaaniin faalame nyaachuuf mijaa'aa akka hin taane irratti mari'atanii hubachuu qabu. |
| -Gochoota qulqullina maatii tokko tokko ni agarsiisu. | ***1.2 Qulqullina Maatii***<br>***(Wayitii 15)***<br>1. Qulqullina maatii Eeguu | Tokko tokkoon isaanii maaliif akka barbaachisan hubachuu.<br>• Qilleensi akka mana keessa galu gochuu. Qileensa mana keessaatti ukkaamame baasuun qilleensa qulqulluu galchuu.<br>• Mana qulqulleessuu, xurii mana keessaa ilbiisota harkisuu danda'an qulqulleessuu.<br>• Meeshaalee nyaata itti bilcheessanii fi qopheessan qulqulleessuu, orgaaniizimoota xixiqqoo dhibee fiduu danda'an irraa qulqulleessuu.<br>• Mana fincaaniitti fayyadamuu. Mana fincaaniitti fayyadamuun foolii ajaa hambisuu fi akka ilbiisota hin harkifne gochuu.<br>Gataa tortoree irraa xaa'oo uumamaa qopheessuu<br>• Gataa adda addaa tortoree ajaa uumuu danda'u irraa xaa'oo uumamaa qopheessuu.<br>• Barattoonni haalota gochoota boroo mana isaanii keessatti qulqullinni ittiin eegamu yaaduu qabu.<br>• Maatii fi hawaasa keessa jiraatan keessatti miidhaa nyaanni sirnaan |

| | | |
|---|---|---|
| | | qophaa'uu fi olkaayamuu dhabuun dhufu irratti bal'inaan mari'achuu qabu.<br>• Akkaataa nyaanni mana isaanii keessatti itti olkaayamu akka fakkii kaasanii fi akkaataa itti fooyyessuun danda'amu yaada dhiyeessuu qabu. |
| -Gochoota qulqullina naannoo tokko tokko ni agarsiisu | **2.** Gochoota qulqullina naannoo | • Bishaan yoo ilaalamu qulqulluu fakkaatu hundi dhugaatiif ni ta'a jechuu akka hin taane barattoonni hubachuu qabu. Bishaan biyyee yoo of keessaa qabaachuu baateeyyuu orgaanizimoota xixiqqoo ijaan hin mul'annee fi nama hubuu danda'an qabaachuu akka danda'u hubachuu.<br>• Bishaan haroo, haraa fi laga xuraawaa bineeldotaa, xuraawaa warshaa keessaa bahuu fi orgaanizimoota xixiqqoo miidhaa fiduu danda'aniin faalamuu akka danda'u hubachuu.<br>• Barattoonni akkaataa bishaan akkanaa qulqulqullaa'ee hojii irra itti oolu danda'u yaaduu qabu. Fakkeenyaaf,<br>• Bishaan danfisuun organizimoota xixiqqoo hubaatii fidan ajjeesuun ni danda'ama.<br>• Orgaanizimoota hubaatii fidan keemikaalota itti naquunis ajjeesuun ni danda'ama.<br>• Bishaan qulqqulluun qaruuraan saamsame banamuu yoo baate dhugamuu ni danda'a.<br>Barattoonni balaawwan bishaan ciisaa wajjin walqabateen dhufu danda'u irratti mari'achuu qabu.<br>Bishaan ciisaan ilbiisota akka bookee busaa harkisuun achitti buuphaa buusuun wal horan. Kunis marsaa jireenyaa buuphaa __jiisaa__puuppaa__ fi bookee ga'eessatti jijjiiramuun dhibee fiduu danda'uu isaanii hubachiisuu. |
| | | Barattoonni bishaan ciisaa naannoo isaaniitti argamu kan akka bishaan hidhamee jiruu bo'oo bishaanii cufame kuusaa bishaanii turee fi kan kana fakkaatan sirreessuun bishaan ciisaan akka hin jiraanne gochuu.<br>• Barattoonni kuusaan bishaanii akkamitti qulqullinaan akka eegamu irratti mari'achuu. Kunis bishaan roobaa karaa adda addaatiin kuufamu dabalatee irratti mari'atamuu qaba.<br>Qulqullina bishaanii eeguu keessatti itti gaafatamummaa ofii fi namoonni biraa qaban irratti mari'achuu.<br>Chaartii balaa bishaaniin dhufuu fi furmaata agarsiisu akka qopheessan |

| | | |
|---|---|---|
| | | gochuu. |
| -Dhukkuboota qulqullina eeguu dhabuun dhufan ni ibsu. | 3. Dhukkuboota qulqullina eeguu dhabuun dhufan<br>• Mana fincaanii qulqulleessuu fi bo'oo manaa fi naannoo ujummoo walqabsiistuun fayyadamuu.<br>Wixinee boolla mana fincaanii gaarii | • Barattoonni boolli mana fincaanii madda bishaan dhugaatii irra fagaachuu akka qabu hubachuu.<br>• Dhugaatiif kan nama hin gammachiifne ta'uu irra iyyuu sababa dhukkuboota nama irraa namatti daddarbani ta'uu ni danda'u.<br>Barattoonni dhukkuboota bishaan faalameen daddarban irratti gareen ta'uun odeeffannoo funaananii akka irratti mari'atan piroojektii kennuufii<br>Dhukkuboonni kunniinis: taayifooyidii, kooleeraa fi maagaadha<br>• Barattoonni mana fincaanii naannoo isaaniitti fayyadamuu fi haala xuraawaan itti gatamu irratti mari'achuu qabu.<br>Naannoo isaaniiti bakkeewwan xuraawaa fi bakka bo'oo itti cufamee fi qulqullina hin qabnee irratti mari'achuu. |
| • Dhiibbaa Eedsiin isaan maatii isaanii fi hawaasa irratti qabu tokko tokko ni tarreessu.<br>Namoota HIV/AIDs wajjin jiraataniif jaalala ni agarsiisu | • Dhiibbaa HIV/AIDSn nu irratti maatii keenyaa fi hawaasa irratti qabu:<br>• Tarreeffama dhiibbaa AIDS<br>Namoota HIV/AIDSii wajjin jiraatanitti jaalala itti agarsiisu | Barattoonni dhiibbaa HIV/AIDSn fidu kan muuxannoo isaanii keessatti beekan akka tarreessanii irratti mari'atan carraa kennuufii. Kana booda isaan murtaa'an irratti mari'achiisuu. Dhiibbaan irratti mari'atamuu qabu:<br>• Humna oomishaa fi tajaajilaa (fayyaa, barnootaa) hir'achuu.<br>• Galiin hir'achuu<br>• Daa'imman warra hinqabne baay'achuu<br>Barattoonni namoota HIV/AIDSii wajjin jiraatan jaalachuu fi yaaduufii gahee taphachuun agarsiisanii akka irratti mari'atan haala mijeessuufii. |
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:<br>• Faayida boqonnaa fi bashannanaa ni ibsu.<br>• Yeroo boqonnaa isaaniitti sirnaan ni fayyadamu. | ***1.3. Boqonnaa fi Bashannana (wayitii 10)***<br>• Boqonnaa fi bashannana gahaa<br>• Yeroo boqonnaa fi bashannanaa sirnaan fayyadamuu. | - Barattoonni barbaachisummaa yeroo boqonnaa fi bashannanaa hubachuu qabu. Hojiin barbaachisaa dha.Garuu namni kamiyyuu yeroo boqonnaa fi bashannanaa qabaachuu barbaada. Barattoonni namni tokko boqonnaa gahaa argachuu yoo baate maal akka ta'u irratti akka yaada kennan gochuu.<br>Isaanis:<br>Dadhabuu, Gammachuu dhabuu, Dhukkubaaf saaxilamuu, Maatii fi hiriyaaf yeroo kennuu dhabuu fa'a dha.<br>Gochoota barattoonni yeroo boqonnaa isaanii itti dabarsan tarreessuun qo'achuu. Isaanis:<br>• Ispoortii, hojii harkaa, tapha, kitaabilee dubbisuu, televishiinii ilaaluu yookiin raadiyoonii dhaggeeffachuu fa'a. |

| | | |
|---|---|---|
| • | Gosoota boqonnaa fi bashannaa walitti dhufeenya ummataa cimsuu | • Barattoonni bu'aa argame karaa baay'een dhiyeessuun ni danda'u.<br>Me barattoonni danaa daara baaftuu kaasaanii of jidduu kaa'uun hiriyoota isaa naanawa gochuun danaa tokko tokko isaanii cinaatti waan ittiin yeroo boqnnaa dabarsan barreessuu kunis kubbaa miilaa taphachuu, taphoota garaagaraa tapchuu. |

## Hordoffii fi Madaallii

Barsiisaan/tuun gochoota barattootaa walitti fufaan boqonnaa guutuu keessatti kaayyoo goree irratti hundaa'uun sadarkaa gahuumsaa barachuu isa xiqqaa irraa barbaadamu argachuu fi argachuu dhabuu isaani madaaluu qabu.

**Barattoota sadarkaan gahuumsaa isa xiqqaa barbaadamu irratti hojjetan**

Barattoonni sadarkaan gahuumsaa isa xiqqaa irratti hojjetan:

- Gartuuwwan nyaataa arfan tarreessuu,
- Barbaachisummaa nyaata madaalamaa ibsuu fi fakkeenya nyaata madaalamaa kennuu,
- Sababoota faalama nyaataa fi ittisa isaa addaan baasuu,
- Gochoota qulqullina maatii fi naannoo agarsiisuu,
- Dhukkuboota qulqullina dhabuun dhufan ibsuu,
- Dhiibbaa HIV/AIDS tarreessuu fi jaalala namoota vaayirasii HIV/AIDS waliin jiraataniif gochuu qaban agarsiisuu.

- Barbaachisummaa yeroo boqonnaa fi bashannanaa ibsuu fi akkamitti yeroo boqonnaa isaanii sirnaan itti fayyadaman ibsuu danda'uu qabu.

**Barattoota sadarkaan gahuumsaa isa xiqqaa barbaadamuu olitti hojjetan**

Barattoonni sadarkaa gahuumsa isa xiqqaa barbaadamuu ol hojjetan badhaafamuu fi hojiin isaanii beekamuufii qaba. Jajjamuu fi caalaatti akka hojjetan jajjabeeffamuu qabu malee hamileen isaanii tuqamuu hin qabu.

**Barattoota sadarkaan gahuumsaa isa xiqqaa barbaadamuu gaditti hojjetan**

Barattoonni sadarkaa gahumsa isa xiqqaa barbaadamuu gaditti hojjetan immoo gargaarsa dabalata isaan barattoota kaaniin akka walgitan taasisu isaan barbaachisu. Yeroo boqonnaa isaanii dabalataan barachuu fi ilaalcha argachuu qabu.

# BOQONNAA 2

## NAANNOO UUMAMAA KEENYA

**Wayitii 68**

***Kaayyoowwan Gooroo***

Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Qabeenya uumamaa akka biyyee, bishaan, qilleensa, bosona, bineensota addaan baassanii hubachuun barbaachisummaa fi maloota kunuunsa isaanii ni ibsu.
- Uumama ni dinqisiifatu.
- Hoo'a, ifa fi sagalee akka akaakuu anniisaatti ibsuu fi taateewwan isaanii yaalii sasalphaan ni agarsiisu.
- Humnaa fi taatee humnaa ni ibsu.
- Akaakuu maashnoota sasalphaa fi akkaataa itti fayyadama isaanii ni ibsu.
- Meshaalee safaraa addaan baasuun itti ni fayyadamu.
- Maloota ogummaa fi qo'annoo saayinsaawaa kanneen akka ilaalanii hubachuu, galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu, fakkii hiikuu, furmaata kennuu, mari'achuu, moodela hojjechuu fi waliin hojjechuu ni shaakalu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti:<br>• Biyyeen qabeenya uumamaa ta'uu isaa ni ibsu.<br>• Akaakuu biyyee addaan ni baasu.<br>• Faayidaa biyyee ni ibsu.<br>• Maloota kunuunsa biyyee ni ibsu. | **2.1.*Qabeenya uumamaa (wayitii 25)***<br>1. Biyyee<br>• Akaakuun biyyee hamma suudoo irrati hundaa'a.<br>• Barbaachisummaa biyyee<br>• Kunuunsa biyyee | Biyyeen gosa adda addaa barattootatti agarsiifamee qaamoolee miiraa isaaniin hubachuu<br>qabu. Barattoonni akaakuu biyyee garee saditti ramaduu danda'uu qabu.<br>• Biyyee cirrachaa: suudoowwan gurguddaa salphaatti gargar yaa'uu danda'an<br>• Biyyee suphee: suudoowwan xixiqqoo walitti hidhamee qabamuu danda'u.<br>• Biyyee sondii: Makaa suudoowwan hamma giddugaleessaa kan of keessaa qabu ta'ee xaa'oo uumamaa of keessaa qaba, akkasumas addaan yaa'uu kan danda'udha.<br>• Barattoonni faayidaawwan biyyee hubachuu qabu.<br>Faayidaawwan biyyees:<br>• Qonnaaf<br>• Meeshaalee manaa tolchuuf<br>• Ijaarsaaf fa'a of keessaa qaba<br>Barattoonni barbaachisummaa kunuunsa biyyee hubachuu qabu. |

| | | |
|---|---|---|
| | | Maloota kunuunsa biyyee armaan gadii irratti mari'achuu qabu. Kunis:<br>• Daagaa tolchuun -biyyeen akka bishaaniin hin dhiqamne gargaara.<br>• Mukkeen dhaabuun- biyyee walitti hidhee qabuun lafti akka aduun hin nyaatamne gaaddisa ta'a.<br>• Qorqame dheedamuu ittisuu: yoo lafti biqiltoonni irra ciramanii raawwatan wanti biyyee walitti qabu waan hin jirreef suudoowwan biyyee salphaatti roobaa fi<br>bubbeen dhiqamanii baduu danda'u. |
| - Bishaan qabeenya uumamaa ta'uu isaa ni ibsu.<br>- Faayidaa bishaanii ni ibsu.<br>- Maloota kunuunsa bishaanii tokko tokko ni ibsu.<br>- Jireenya isaanii keessatti bishaan qusanaan ni fayyadamu. | 2. Bishaan<br>• Faayidaa bishaanii<br>• Faalama bishaanii ittisuu<br>• Bishaan qusannaan fayyadamuu. | Barattoonni akkaataa hawaasni naannoo bishaaniitti itti fayyadamu tarreessuu danda'u<br>qabu . Kunis:<br>- Faayidaa mana keessaa<br>- Qonnaa fi<br>- Industirii dabalata<br>Barbaachisummaa bishaan akka hin faalamne ittisuu fi maddoota faalama bishaanii irratti akka mari'atan jajjabeessuu. Maddoonni faalama bishaaniis:<br>• Bobbaa namaa<br>• Xuraawaa bineeldotaa<br>• Keemikaalota qonnaa<br>• Xuraawaa warshaa fa'a.<br>Barattoonni akkaataa bishaan faaltota kana irraa ittiin qulqullaa'u irratti mari'achuu qabu.<br>Barattoonni haala bishaan manaa fi naannoo isaaniitti ittiin qisaasa'u irratti mari'atanii<br>karaalee bishaan ittiin qusachuu dandeenyu irratti yaada isaanii haa kannan.<br>Bishaan naannoo isaaniitiif hammam barbaachisaa akka ta'e haa agarsiisan, akkasumas<br>suuraa mala bishaan ittiin kuusame qusatamu agarsiisu haa kaasani. |
| • Qilleensi qabeenya uumamaa akka ta'e ni ibsu.<br>• Faayidaa qilleensaa ni ibsu. | 3. Qilleensa<br>• Faayidaa lubbu qabeeyyiif kennu.<br>• Ittisa faalama qilleensaa (gaasota | Barattoonni, lubbu qabeeyyiin hundi (biqiloonni fi bineeldonni) jiraachuuf qilleensi akka isaaniif barbaachisu hubachuu qabu.<br>Barattoonni barbaachisummaa ittisa faalama qilleensaa beekuu qabu.<br>Maddoota faaltoota qilleensaa kanniin armaan gadii irratti mari'achuu qabu kunis:<br>• Aara ibidda boba'u irraa maddu |

| | | |
|---|---|---|
| • Maloota ittisa faalama qilleensaa muraasa ni himu. | konkolaataa fi washaalee irraa bahan) | • Gaasota aara konkolaattota keessaa bahan<br>• Gaasota warshaalee keessaa bahan.<br>Barattoonni haala qilleensi faaltoota kanniin irraa ittisamuu danda'u irratti mari'achuu qabu. |
| • Faayidaa bosonaa ni ibsu.<br>• Faayidaa kunuunsa bosonaa ni himu.<br>• Mukkeen dhaabuuf fedhii ni horatu. | 4. Bosona<br>• Faayidaa bosonaa<br>• Kunuunsa bosonaa (muka dhaabuu, bosona mancaasuu dhiisuu) | Barattoonni faayidaa kunuunsa bosonaa hubachuun faayidaalee bosona irraa argaman kanniin armaan gadii irratti mari'achuu qabu.<br>• qoraan boba'u<br>• nyaata<br>• muka ijaarsaaf oolu.<br>• Bakka jireenya (dawoo) bineensotaa<br>Barattoonni faayidaalee sirnaan eegamuu bosonaa hubachuu qabu.<br>Mukkeen yoo muraman kan biroo dhaabanii bakka buusuun bosonni akka hin badne taasisuun baay'ee barbaachisaa dha. Kanaafuu, gocha mukkeen dhaabuu qopheessuun barattoonni mana barumsaa isaanii keessattii fi naannoo mana barumsichaatti mukkeen dhaabuun kunuunsanii hordofuun akka biqilchan taasisuu.<br>Barattoonni gosa biqiltuuwwan mukkeenii  haala gaariin biqiluun guddachuu danda'an<br>addaan baasuu qabu. |
| • Bineensonni qabeenya uumamaa ta'uu isaanii ni ibsu.<br>• Faayidaa bineensotaa ni himu.<br>• Maloota kunuunsa yookiin eegumsa bineensota tokko tokko ni eeru. | 5. Bineensota<br>• Faayidaa isaanii<br>• Eegumsa gochuu | Barattoonni maqaa bineensotaa tarreessuu qabu.<br>Faayidaaleen bineensota irraa argaman turiizimii, madda galii gurgurtaa,  qaamman isaanii kan akka gogaa, ilkaanii fi kkf  qofa irratti daangaa'uu qaba.<br>Barattoonni fakkii bineensotaa kaasanii halluu akka diban gochuun tarreeffama maqaa fi fakkiiwwan isaanii daree keessatti akka maxxanfamu taasisuu.<br>Barattoonni karaalee bineensonni itti miidhamuu danda'anii fi akkaataa itti eegamuu qaban irratti mari'achuu qabu.<br>Fakkeenyaaf:<br>• adamsuu<br>• dawoo dhabuu<br>• hanqina nyaataa fi bishaanii<br>Barattoonni waa'ee namoota faayidaa dhuunfaaf bineensota ajjeesanii dhabamsiisuun daa'imman fuunduraaf dhalatan akka isaan hin argine taasisan irratti mari'achuu qabu.<br>- Gumiin bosonaa fi bineensotaa mana barumsaa kana irraatti xiyyeeffachuu qaba. |

| | | |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• hoo'i akaakuu anniisaa ti jechuun hiikkaa hoo'aa ni kennu.<br>• Gochaawwan qabatamaa sasalphoo hojjechuun taateewwan hoo'aa ni agarsiisu. | *2.2. Anniisaa (Wayitii 15)*<br>1.Hoo'a<br>• Hoo'i maali?<br>• Taateewwan hoo'aa maal fa'a?<br>• Jijjiirama Faalkaa (jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii)<br>• Jijjiirama hammaa (diddiriiruu fi shuntuuruu)<br>• Jijjiirama bocaa | Barattoonni hoo'i maal akka ta'ee fi maal akka hojjetu irratti mari'achuu qabu.<br>Barattoonni taateewwan hoo'aa tarreessuu danda'uu qabu.<br>Yaalii sasalphaa tokko tokko hojjachuun hoo'i:<br>• Wantoota hoo'isuu akka danda'u.<br>• Boca wantootaa jijjiiruu akka danda'u<br>• Ibidda uumuun wantoota gubuu kan danda'u ta'uu ni agarsiisu.<br>Jijjiirama faalkaa wantootaa uumuu akka danda'u barattootaaf agarsiisuu, fakkeenyaaf jijjiirama faalkaa cabbii irraa gara bishaanitti, bishaan irraa gara hurkaatti ta'u agarsiisuu. Barattoonni cabbiin, bishaanii fi hurki wanta tokko kan faalkaa adda addaa qabu ta'uu<br>isaanii hubachuu qabu.<br>Jijjiirama faalkaa jireenya guyyaa guyyaa isaanii keessatti isaan mudatee akka ibsan barattoota gaafachuu.<br>Fakkeenyaaf:<br>• Duungoon yommuu boba'u fi baquu<br>• Hoo'aan danfuu bishaanii<br>• Hoo'aan baquu dhadhaa fi coomaa |
| • Anniisa ifaa leensiidhaan walitti sassaabanii waraqaa yookiin kobota gubuun ifni akaakuu anniisaa ta'uu isaa ni ibsu. | 2.Ifa<br>• Ifni akaakuu anniisaa ta'uu isaa (boba'uu) | Barattoonni ifni akaakuu anniisaa ta'uu isaa hubachuu qabu.<br>Leensii harkaa fayyadamuun ifa aduu irraa maddu bakka tokkotti fulleeffachuun wantoota tokko tokko fakkeenyaaf, waraqaa, kobota yookiin marga gubanii hubachuu qabu. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| • Sagaleen hollannaa wantootaa irraa akka uumamu ni himu.<br>• Daddarbuu sagalee jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii keessatti ta'u ni agarsiisuu.<br>• Meeshaalee muuziqaa kan aadaa fi ammayyaa addaan ni baasuu.<br>• Fakkeenya meeshaalee muuziqaa kan aadaa fi ammayyaa ni kennu. | **3. Sagalee**<br>• Uumama sagalee<br>• Daddarbuu sagalee,<br>• meeshaalee muuziqaa kan aadaa (ribuu fi afuuraa)<br>• Meeshaalee muuziqaa ammayyaa (ribuu fi afuuraa) | Barattoonni sagaleen hollannaa wantootaa irraa akka uumamu qayyabachuu qabu. Sarartuu fiixee miinjaala irratti qabsiisuun xarrisiisuun yookiin immoo laastika (ribuu) diriire harkisanii gadi lakkisuun sagalee uumuuf yaalii hojjechuu danda'uu qabu,<br>Barattoonni sagaleen jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii keessatti daddarbuu isaa hubachuu qabu. Sagaleen qilleensa keessatti kan daddarbu ta'uu beekuu danda'u, garuu, daddarbuu sagalee dhangala'oo fi jajjaboo keessatti raawwatu dhugoomsuuf yaaliiwwan sasalphoo akka hojjatan gaafachuu.<br>Meeshaalee muuziqaa kan aadaa fi ammayyaa yookiin suuraa isaanii barattootaaf agarsiisuun maqaa isaanii akka beekan gochuu.<br>Barattoonni meeshaalee muuziqaa kan aadaa ykn ammayyaa fi ribuu yookiin afuuraa jechuun addaan baasuu qabu.<br>Barataan /ttuun meeshaa muuziqaa taphachiisuu danda'u/eessu yoo jiraate/tte barattoota dareef akka agarsiiftu/su gaafachuu.<br>Barattoonni meeshaalee muuziqaa sasalphoo meeshaalee naannoo isaaniitti argaman irraa tolchuu danda'uu qabu. Fakkeenyaafi barattoonni mataa xaasaa ykn saanduqaa irratti meeshaalee muraa elaastikak cedheedhame salphaa gabbina adda addaa qaban dhisuu qabu. |
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Humni ta'ii harkisuu yookiin dhiibuu ta'uu ni ibsu.<br>• Taateewwan humnaa gochaan ni agarsiisu. | **2.3. Humna (Wayitii 17)**<br>◈ Humni maali?<br>◈ Taateewwan humnaa | Barattoonni humni ta'ii harkisuu yookiin dhiibuu ta'uu isaa beekuu qabu. Kanas, wantoota harkisuun yookiin dhiibuun agarsiisuu qabu.<br>• Haala teessuma wantootaa jijjiiru<br>• Kallattii wantoota sochoo'aa jiranii kan jijjiiru ta'uu.<br>• Boca wantootaa kan jijjiiru ta'uu isaa yaalii hojjechuu qabu. |

| | | |
|---|---|---|
| • Faayidaa maashinoota sasalphoo ni ibsu.<br>• Maashinoota sasalphoo tokko tokko addaan ni baasu.<br>• Maashinoota sasalphoo tolchuun itti fayyadamu. | 3. Maashinoota sasalphoo<br>• Faayidaa maashinoota sasalphoo<br>• Fakkeenyoota maashinoota sasalphoo<br>• Maashinoota sasalphoo tolchuu. | Barattoonni maashinoonni meeshaalee dalagaa karaa salphaa ta'een dalaguuf kan nuu fayyadan ta'uu isaanii ni qayyabatu. Itti fayyadamina maashinoota sasalphoo sadii irratti xiyyeeffachuu qabu:<br>• Bal'insa (diriiroo) habalakaa<br>• Fonqolcha<br>• Puulii<br>Barattoonni xaawulaa (saanqaa) habalakeessuun bal'insa (diriiroo) habalakaa tolchuun gubbaa isaa irratti wantoota mucuceessuun ol kaasu. Humni bal'insa habalakaa irratti mucuceessanii ol kaasuuf barbaachisu qilleensa keessatti kallatti ijaajjoon ol kaasuuf barbaachisu irra xiqqaa ta'uu hubachuu qaba.<br>Barattoonni ulee mukaa yookiin sibiila utubduu wajjin fayyadamuun fonqoncha tolchuu ni danda'u. Fonqolcha tolchan kana fayyadamuun humna xiqqaa dalageessuun ba'aa guddaa ol kaasuu danda'uu isaanii ni hubatu. |
| | | Barattootaaf puulii itti agarsiisuu.<br>Puulii fayyadamuun humna xiqqaan ba'aa guddaa ol kaasuu kan danda'amu ta'uu ni dinqisiifatu.<br>Barattoonni maashinoonni sasalphoon sadanuu humna xiqqaan ba'aa guddaan sochoosuuf kan nuu fayyaduu danda'an ta'uu, akkasumas, kallatti adda addaan humna dalageessuuf kan nuu danadeessisan ta'uu ni qayyabatu. |
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Meeshaalee safaraa addaan ni baasu.<br>• Meeshaalee safaraa ni fayyadamu.<br>• Yuunitiiwwan safaraa addaan ni baasu. | ***2.4. Safara (Wayitii 11)***<br>1. Meeshaalee safaraa<br>2. Safaruu<br>3. Yuunittiiwwan safaraa (dheerina, yeroo, hanga, teempireechara) | Meeshaalee safaraa tokko tokko barattootaaf agarsiisuun akkaataa itti hojjetan ibsuufi. Fakkeenyaaf;<br>• Ulee meetiraa, siliindarii safaraa, sa'atii, madaala hangaa, teermomeetira.<br>Barattoonni meeshaalee safaraa fayyadamuun qaamolee safaramoo tokko tokko safaruu danda'uu qabu. Yuunitiiwwan meeshaalee safaraa ittiin fayyadaman illee beekuu qabu.<br>***Fakkeenyaaf:***<br>• Meetira, liitirii, sa'atii, daqiiqaa, seekondii, kiiloogiraama, giraama, Degrii seentigireedii. |

## Hordoffii fi Madaallii

Barsiisaan gochaawwan tokkoon tokkoon barattootaa boqonnaa kana keessatti raawwatan haala itti fufiinsa qabuun duuka bu'uu (hordofuu) qaba. Waan hordofee galmeessa kaayyoowwan gooree kaa'aman waliin walmaddii ilaaluun ga'umsa isa xiqqaa barataa tokko irraa eegamu argachuu isaa mirkaneessuu.

**Barattoota sadarkaa gahuumsa barachuu isa xiqqaa barbaadamu irratti hojjetan**

- Maalummaa biyyee, akaakuu (gosoota) biyyee, faayidaa fi maloota kunuunsa biyyee ni ibsu.
- Maalummaa bishaanii, faayidaa fi maloota kunuunsa bishaanii fi akkaataa qusannoon itti fayyadama bishaanii ni ibsu,
- Maalummaa qilleensaa, faayidaa fi malootta ittisa faalama qilleensaa ni ibsu,
- Maalummaa bosonaa fi bineensotaa, faayidaa fi maloota kunuunsa isaanii ni ibsu,
- Hoo'a, ifaa fi saganlee akka akaakuu anniisaatti ni ibsu,
- Fakkeenyoota meeshaalee muuziqaa kan aadaa fi ammayyaa ni kennu

Hiikkaa humnaa fi taateewwan humnaa ni ibsu,

- Faayidaa maashinoota sasalphoo ibsuu fi fakkeenya isaanii kennu,
- Maashinoota sasalphoo tokko tokko tolchuun itti fayyadamuu danda'uu fi
- Meeshaalee safaraa addaan baasuu fi itti fayyadamuu danda'uu qabu.

**Barattoota sadarkaan gahuumsa barachuu isa xiqqaa barbaadamuu olitti hojjetan**

Barattoonni ga'umsa xqqaa isaan irraa eegamuu ol hojjetan ni dinqisiifamu. Raawwii isaanis beekamee, galmaa'ee qabamaaf. Hojii isaanii itti fufuun caalmaan akka hojjetan ni jajjabeeffamu. Bu'a argatan ulfeessuun of tuulanii akka hin teenye ni gorsamu.

**Barattoota sadarkaa gahuumsa barachuu isa xiqqaa barbaadamuu gaditti hojjetan**

Barattoonni ga'umsa xiqqaa isaan irra eegamuu gadi hojjetan, yoo xiqqaate barattoota sadarkaa giddugaleessatti argaman wajjin akka walqixxaatan isaan gargaaruun barbaachisaadha. Ilaalchi addaa isaaniif kennamee yeroo boqonnaa fi gara dhuma guyyaatti gargaarsa addaa isaaniif gochuun barbaahisaadha.

# BOQONNAA 3: SOCHII NAANNOO KEENYAA (Wayitii 42)

## Kaayyoowwan Gooroo

Barattoonni Adeemsaa fi xumuura barnoota boqonnaa kanaatti :

- Biyyeen midhaan oomishuuf barbaachisaa ta'uu isaa hubachuu, akkasumas madabii qopheessuu, biqiltuu dhaabuun ni kunuunsu.
- Bineeldota xixiqqoo midhaanii fi nama huban addaan baasuu, hubaatii isaan geessisan himuu fi akkaataa itti hubaatii kana ittisan ni ibsu.
- Ilbiisota irratti yaalii sasalphaa ni adeemsisu. Faayidaa eegumsa kannisaa fi marsaa jireenya isaanii ni ibsu.
- Meeshaalee naannoo isaaniitti oomishaman addaan baafachuu fi fedhii isaaniif qaban ni agarsiisu.
- Walitti dhufeenya(hariiroo) adeemsa bittaa fi gurgurtaa gidduu jiru ni ibsu.
- Ogummaa saayinsaawaa boqonnaa kana keessatti barbaadamu ni agarsisu, isaanis: ilaaluu, galmeessuu, addaan baasuu, gaafachuu, safaruu, hiika kennuufii, fakkiiwwan, guduunfun, waliin haasa'uu, moodela gochuu fi waliigalanii hojjachuu ni danda'u.

| ***Kaayyoowwan Gooree*** | ***Qabiyyee*** | ***Mala baruu barsiisuu*** |
|---|---|---|
| Barattoonni Adeemsaa fi xumuura barnoota boqonnaa kanaatti :<br>• Faayidaa biyyeen midhaan oomishuuf qabu ni himu.<br>• Biyyeen sondii biqiltuu guddisuuf filatamaa ta'uu isaa ni ibsu. | ***3.1 Qonnaa (Wayitii 30)***<br>1. Biyyee fi oomisha midhaanii<br>• Faayidaa biyyeen oomisha midhaaniif qabu.<br>• Biyyee midhaan biqilchuuf hunda caalaa gaarii ta'e (loomii yookiin sondii) | Barattoonni biyyeen biqiltuu guddisuuf barbaachisaa ta'uu isaa hubachuu qabu.<br>• Biyyeen biqiltuun akka sirriitti lafatti gadi qabatuu fi kufaatii malee akka guddatu gargaara.<br>• Biyyeen biqiltuuf bishaanii fi nyaata adda addaa karaa hiddaatiin akka argatan gargaara.<br>Barattoonni amaloota biyyee sondii biqiltuun akka gaariitti akka guddatu taasisan tokko tokko baruu qabu, Isaanis:<br>• Baayy'ee hin ulfaatu, kanaafuu irratti hojjachuun salphaadha.<br>• Hiddi biqiltuu siriitti gadi galuu danda'a.<br>• Bishaan waan ofkeessatti qabatuuf salphaatti hin gogu.<br>• Bo'oo baasuun waan dadna'amuuf lolaan hin dhiqamu.<br>• Nyaata biqiltuuf ta'u qabata.<br>Saanduqa biyyee sondii dareetti fidaatii barattoota agarsiisaa.<br>Gosa booda biqiltoota biyyee sondii irratti mooraa mana barnootaa keessatti fi naannoo mana barnootaatti biqilaan haa ilaalan. |
| • Sanyii biqilchuuf madabii ni qopheessu. | 2. Biqiltootaa dhaabuu fi kunuunsuu | Barattoonni sadarkaalee madabii biqiltuuf qopheessanii fi kunuunsa godhamuufii qabu irratti mari'achuu qabu. ***Isaanis:***<br>• Madabii sanyii qopheessuu. |

| | | |
|---|---|---|
| • Biqiltuu guddachaa jiran ni kunuunsu.<br>• Miidhaa hawaasni, hantuutonnii fi simbirroowwan geessisanii fi akkamitti ittisuun akka danda'amu ni ibsu. | Horii gar malee horsiisuun lafa naannoo biqiltu ollaa miidhuu danda'a. | • Biqiltuu dhaabuu<br>• Shoggoruu fi aramuu<br>• Kosii (xaa'oo) itti naquu<br>• Miidhaa hawaanniisaa, hantuutaa fi simbirroowwanii irraa ittisuu.<br>Gochawwan kanneen mooraa mana barnootaa keessatti raawwachuu qabu.<br>Barattoonni yoo bakka biqiltuun dhaabame hin eegamu ta'e miidhaa irra gahuu danda'u irratti mari'achuu qabu. |
| • Marsaa jireenyaa titiisaa fi bookee busaa ni ibsu.<br>• Miidhaa titiisaa fi bookeen busaa geessisanii fi akkaataa ittiin ittisuun danda'amu ni ibsu. | 3. Ilbiisota Miidhaa Geessisan<br>• Marsaa Jireenyaa<br>• Miidhaa geessisanii fi ittisa taasifamuu danda'u. | Barattoonni marsa jireenyaa ilbiisotaa miidhaa geessisan lamaan qo'achuu qabu. Isaanis:titiisaa fi bookee busaati. Titiisa ilaalchisee barattoonni kan baruu qaban:<br>• Buphaan bobbaa bineeldotaa yookiin haftee nyaata keessatti buusti.<br>• Buphaan yammuu cabu laarvaatu ba'a, innis ni nyaata<br>• Laarvaan immoo puuppaa isa nyaata hin nyaanne ta'a.<br>• Titiisni immoo puuppaa keessaa ba'a.<br>Bookee busaa ilaalchisee barattoonni baruu kan qaban:<br>• Buphaa bishaan ciisu (kuufamaa) keessatti buusti.<br>• Laarvaan buphaa keessaa ba'a, innis bishaan keessa jiraata, nyaatas ni nyaata.<br>• Laarvaan puuppaa ta'a, inni immoo nyaata hin nyaatu.<br>• Puppaan gara bookee ga'eessatti jijjjiirama.<br>Barattoonni fakkii ilbiisota sadarkaa adda addaa irra jiran kaasuun poostara irratti maxxansanii marsa jireenyaa isaanii agarsiisuu ni dnada'u.<br>Barattoonni titiisni dhukkuba gataa irraa fuudhuun nyaata irra buusuu danda'uu isaanii hubachuu qabu.<br>Karaalee ittiin ittisan irratti mari'achuu qabu.<br>Barattoonni bookeen busaa nama ciniinuun busaa kan dabarsitu ta'uu ishee beekuu qabu. Akkaataa itti ofirraa ittisuun danda'amu irratti mari'achuu qabu.<br>Barattoonni namni tokko buusaa ofirraa ittisuu dhiisuun miidhaa inni maatii yookiin hawaasa naannoo  irraan gahuu danda'u irratti mari'achuu qabu.Kana jechuun busaa ittisuu, irratti itti gaafatamummaan kan nama hundaati jechuudha. |
| • Faayidaa horsiisa kanniisaa ni ibsu. | Kanniisa Horsiisuu | Barattoonni faayidaa kanniisni nadhii daraaraa(neektaarii) irraa funaanuun damma hojjachuun qabu irratti mari'achuun hubachuu qabu. |

| | | |
|---|---|---|
| | • Faayidaa<br>• Marsaa Jireenyaa | Barattoonni marsa jireenyaa kanniisaa qo'achuu qabu. Isaanis:<br>• Buphaan seelii keessatti argamuu isaa<br>• Buphaan gara laarvaatti guddachuu isaa<br>• Laarvaan nyaata nyaachuun puppaa ta'uu isaa<br>• Puuppaan kanniisa ga'eessaatti jijjiirama. Namoonni kanniisa horsiisan naannoo mana barnootaatti yoo kan argaman ta'e barattoonni keessa gaaguraa akka ilaalan taasisuu. |
| • Leensii harkaa fayyadamuun caasaalee qaama alaa titiisaa, bookee busaa, kanniisaa fi korophisaa qo'atu. | ◈ Ilbiisota xixiqqoo qo'achuu | Barattoonni leensii harkaa fayyadamuun caasaa qaama alaa ilbiisotaa ilaaluu qabu. Isaanis.<br>• Titiisa, bookee busaa, korophisa, kanniisa, Barattoonni caasaa qaama alaa ilbiisota kanaa fakkii kaasuu qabu. Xiyyeeffannaan barattoonni waan yaadan osoo hin taane waan argan qofa kaasuu isaanii irratti wanti beekamuun irra jiru barsiisaan dursee ilbiisota funaanee qopheessuu qaba, yookiin immoo kanneen handhuura gabbisa barnootaa keessa jiran fayyadamuu qabu. |
| • Meeshaalee naannoo isaaniitti oomishaman ni tarreessu.<br>• Meeshaalee naannootti oomishamaniin fayyadamuuf fedha ni horatu.<br>• Walitti dhufeenya adeemsa bittaa fi gurgurtaa ni ibsu. | ***3.2 Oomisha Industirii Naannoo (Wayitii 12)***<br>1. meeshaalee naannoo isaanitti oomishaman<br>3. Walitti dhufeenya adeemsa bittaa fi gurgurtaa (Gabaa, tajaajila) | Barattoonni meeshaalee naannoo isaaniitti oomishaman tarreessuu qabu.<br>Barattoonni bakka meeshaaleen naannootti oomishaman itti gurguraman kanneen akka suuqii fi gabaa daawwachuu qabu.<br>Barattoonni faayidaa namoota meeshaalee dhiyeessanii fi tajaajila kennanii akkasumas waa'ee namoota meeshaalee kanneen bitanii tajaajila kana argatan irratti mari'achuu qabu. Haala kanaan qarshiin namarraa namatti kan darbu ta'uu isaa hubachuu qabu.<br>Barattoonni maatiin isaanii yookiin namoonni isaan beekan hojiidhaan naannoo isaaniitiif bu'aa buusan himuu danda'uu qabu. |

## Hordoffii fi Madaallii

Barsiisaan/tuun madaallii boqonnaa hundaa irratti adeemsisuun kaayyoo gooree irratti hundaa'anii ibsa armaan gaditti kaa'ame waliin madaaluun barataan sadarkaa ga'umsa barachuu isa xiqqaa argachuu isaa murteessuun ni danda'u.

**Barattoota sadarkaa gahuumsa barachuu isa xiqqaa barbaadamuu irratti hojjetan**

Faayidaa biyyee himuu, biyyeen sondii biqiltuu biqilchuuf hunda kan caalu ta'uu isaa addaan baasuu, biqiltuu biqilchuuf madabii qopheessuu, filatamaa dhaabuu fi kunuunsuu, miidhaa ilbiisotaan midhaan irra gahuu fi attamiin ittisuun akka danda'amu ni himuu; marsa jireenyaa titiisaa fi bookee busaa agarsiisuu, miidhaa isaan geessisanii fi attamiin ittisuun akka danda'amu ibsuu; faayidaa kanniisa horsiisuun qabu ibsuu, leensii harkaa fayyadamuun caasaalee qaama alaa ilbiisotaa qo'achuu; meeshaalee naannoo isaaniitti oomishaman tarreessuu; meeshaalee naannoo isaaniitti oomishamanitti fayyadamuuf fedha horachuu, akkasumas, walitti dhufeenya adeemsa bittaa fi gurgurtaa ibsuu danda'uu qabu.

**Barattoota sadarkaa gahuumsa barachuu isa xiqqaa barbaadamu olitti hojjetan**

Barattoota sadarkaa ga'umsa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatan jajamuu qabu, hojii isaan hojjatanis fudhatama argachuu qaba. Waan hojjatanitti quufanii taa'uu osoo hin taane jabaatanii hojjachuu akka itti fufan jajjabeeffamuu qabu.

**Barattoota sadarkaa gahuumsa barachuu isaa xiqqaa barbaadamuu gaditti hojjetan**

Barattoonni sadarkaa ga'umsa xiqqaa gaditti hojjataniif yeroo addaa kennuufiin akka isaan kanneen biroo waliin walqaqaban taasisuun barbaachisaadha. Daree keessatti xiyyeeffannaa addaa kennuufiin dareen alatti immoo yeroo boqonnaa barnoota dabalataa kennuufiin barbaachisaadha.

# BOQONNAA 4: NAANNOO KEENYA/OROMIYAA (*Wayitii 55)*

## *Kaayyoowwan Gooroo*

Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga baratanii xumuranii booda:

- Argama naannoo isaanii naannoolee ollaa wajjin wal bira qabuun addaan baasanii ni himu.
- Haallan teessuma lafa gurguddoo naannoo isaanii addaan baasanii ni hubatu.
- Halluuwwanii fi haala teessuma halluuwwan alaabaa naannoo isaaniitii fi biyyoolessaa addaan baasanii ni beeku.
- Caasaa bulchiinsa naannoo isaaniitii fi dhaabbilee gurguddoo naannoo isaanii keessatti argaman addaan baasanii ni beeku.
- Hambaawwanii fi dabareewwan seenaa naannoo isaanii keessatti argaman qorachuu fi eeggannoo gochuufiif fedhii guddaa ni horatu.
- Maqaa gootota naannoo isaanii tarreessuu,hojiiwwan isaanii ibsuu,tattaaffii isaanii dinqisiifachuu fi faana isaanii hordofuuf ni murteessu.
- Ogummaa saayinsaawaa kan akka daawa'chuu, galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu, xiinxalluu, fakkiin ibsuu, yaada xumuraa kennuu, wal qunnamuu fi walii wajjiin hojjachuuf dandeettii ni horatu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Barattoonni erga barnoota kana xumuranii booda:<br>• Argama naannoo isaanii naannoolee ollaa wajjiin wal bira qabuun ni himu. | **4.1.** ***Argama Oromiyaa (Wayitii 5)***<br>◆ Argama naannoo Oromiyaa naannoolee ollaa wajjin wal bira qabuun. | • Barattoonni maqaa naannoolee allaa naannoo isaanii tarressuun kallattiiwwan itti isaan naannoo isaanii irraa argaman ni himu.<br>• Barattoonni kaartaa Itoophiyaa irratti naannoo Oromiyaa isaanii halluu dibuu fi naannoolee ollaatiin addaan baasuu danda'uu qabu.<br>• Kaartaa Itoophiyaa haala teessuma (argama) naannooleetiin kukkutuun barattoonni walitti deebisuun agarsiisuu akka danda'an shaakalsiisuu. |
| • Haallan teessuma lafaa gurguddoo naannoo Oromiyaa keessatti argaman addaan baasanii ni ibsu.<br>• Teessuma lafaa gurguddoo fakkeenya kennuun ni ibsu. | **4.2. Haallan teessuma lafaa gurguddoo Oromiyaa (Wayitii 10)**<br>◆ Gaarreen<br>◆ Laggeen<br>◆ Harawwan | • Barattootaaf kaartaa naannoo isaanii kennuufiin yookiin kaartaa naannoo isaanii dabtara irratti akka kaafatan gochuu.<br>• Gaarreen, laggeenii fi harawwan baratan bakka argama isaanii kaartaa irratti akka agarsiisan.<br>• Halluuwwan adda addaatti fayyadamuun haala teessuma lafaaa ibsuu danda'uu qabu. Fakkeenyaaf gaarreeniif halluu magaala, harawwanii fi laggeeniif halluu cuquliisa fa'a. |
| • Gosoota fi haala teessuma halluuwwanii fi asxaa alaabaa | **4.3. Alaabaawwan Naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa** | • Barattoonni fakkii alaabaa naannoo isaanii kaasuun halluu dibuu qabu.<br>• Barattoonni fakkii alaabaa biyyoolessaa kaasuun halluu dibuu qabu.<br>• Alaabaawwan naannoo isaanii fi biyyoolessaa waraqaa baldhaa irratti kaasuu fi |

| | | |
|---|---|---|
| naannoo Oromiyaa addaan baasanii ni ibsu .<br>• Gosootaa fi haala teessuma halluuwwanii fi asxaa alaabaa biyyooleessaa addaan baasanii ni himu. | **(Way'itii 5)**<br>◈ Halluuwwan, haala teessuma halluuwwanii fi asxaa alaabaawwanii | halluu dibuun daree isaanii keessatti fannisan taasisuu.<br>• Barattoonni alaabaa naannoo isaanii kaartaa naannoo irratti bakka sirrii ta'e irratti kaasuun haa agarsiisan. |
| • Caasaalee bulchiinsa naannoo isaanii ni himu. | **4.4. Caasaa Bulchiinsaa (Wayitii 10)**<br>◈ Bulchiinsa | Barattoonni walitti dhufeenya: Naannoo, godina, aanaa (bulchiinsa magaalaa) fi gandaa hubachuu qabu.<br>Barattoonni caasaalee bulchiinsaa armaan olii maqaa dhahuun bakka jireenya isaanii akka himan gargaaruu. Hubannoo isaanii kana ibsuuf bakka (naannoo) keessa jiraatan fakkii kaasuun akka ibsan shaakalsiisuu. |
| • Dhaabbilee gurguddoo naannoo isaanii keessatti argaman ni tarreessu.<br>• Hojiiwwan dhaabbilee gurguddoo naannoo isaanii keessatti argamanii ni ibsu. | ◈ Dhaabbilee Gurguddoo | • Barattoonni dhaabbilee gurguddoo naannoo isaanii keessatti argaman addaan baafatanii beekuu qabu. Isaanis:<br>• Wajjira Barnoota Aanaa<br>• Kolleejjii fi Yuunivarsiitiiwwan<br>• Dhaabbilee mootummaa gurguddoo<br>• Dhaabbilee miti mootummaa gurguddoo<br>Barattoonni hojiiwwan dhaabbilee gurguddoo naannoo isaanitti argaman irratti ni mari'atu. Fakkiiwwanii fi maqaa gamoowwanii chaarti irratti barreessuun tajaajila isaanii jalatti barreessuu haa shaakalan. |
| • Dabareewwan seenaa fi aadaa naannoo isaanii ni ibsu.<br>• Naannoo isaanii keessatti bakkeewwan garguddoo daawattoota (tuuristoota) hawwatan addaan baasanii ni ibsu. | **4.5. Dabareewwan (Waytii 15)**<br>◈ Dabareewwan seenaa<br>◈ Amantiiwwan<br>◈ Bakkeewwan daaw'attoota harkisan | - Barattoonni waa'ee haallan dabareewwan adda addaa naannoo isaanii keessatti argamanii barachuu qabu. Isanis:<br>• Seenaa naannoo isaanii<br>• Amantiiwwan naannoo isaanii<br>• Bakkeewwan naannoo isaanii keessatti jaalatamoo fi daawwattoota(turistoota) harkisuu/hawwachuu) danda'an fa'a.<br>• Barattoonni barreeffamoota gaggabaaboo waa'ee naannoolee nama harkisan/hawwatan ibsan qopheessuu fi halluun bareechisuun eessatti akka argamanii fi maal fa'a akka qaban daawwattootaaf odeeffannoo akka dabarsuu danda'an gargaaruun qopheessuu qabu.<br>• Daawwattoota naannoolee fi biyyoota adda addaa irraa dhufan kabajuu, fi wal danda'iinsa amantiiwwan adda addaa irratti barattoonni akka mari'atan taasisaa. |

| | | |
|---|---|---|
| • Dabareewwan kunuunsuu fi eeguuf fedhii ni horatu. | ◈ Dabareewwan keenya kunuunsuu (eeguu) | - Barattoonni waa'ee hambaawwanii (dabareewwanii) irratti miidhaa geessisan irratti mari'achuun tarkaanfiiwwan eegumsa dabareewwaniif godhamuu qabus addaan baasanii hubachuu qabu.<br>***Isaanis:***<br>• Ummanni uffata aadaa dhiisuun uffata ammayyaaf irra caalaatti fedhii qabaachuu, isaanii<br>• Dargaggoonni sirbootaa fi shubbisa aadaa dhiisuun muuziqaa fi shubbisa ammayyaaf irra caalaatti fedhii qabaachuu isaanii fi<br>• Sonawwan aaddaa fi hangafoota kabajuu dhiisuun rakkoo isaan fiduu danda'an irratti haa mari'atan. |
| Barattoonni erga barnoota kana baratanii xumuranii booda:<br>• Maqaa gootota naannoo isaanii ni tarreessu. Hojiiwwan taasisan ni himu.<br>• Tattaaffiiwwan gootonni naannoo isaanii taasisan ni dinqisiifatu.<br>• Hojiiwwan gootonni naannoo isaanii raawwatan hojjachuuf fedhii ni horatu. | ***4.6. Gootota Naannoo isaanii keessatti argaman (Wayitii 10)***<br>◈ Gootota | - Barattoonni gootota naannoo isaanii keessatti hojii adda addaan beekamoo ta'an addaan baafachuu qabu. Isaanis,<br>• Muuziqaan, fakkii fi ispoortiin<br>• Loltummaan<br>• Saayinsii fi Teeknoolojiin<br>• Kunuunsaa fi eegumsa naannootiin<br>• Misoomaan<br>Barattoonni bu'aawwan hojiiwwan goototaa irratti mari'achuu fi tokkoon tokkoo isaanii akkamitti naannoo isaaniitiif maal fa'a akka gumaachan ibsuufii.<br>Barattoonni wantoota gootonni naannoo isaanii keessatti raawwatan duukaa bu'uun akka raawwachuu danda'an jajjabeessuu.<br>Barattoonni suuraawwan goototaa walitti qabuu fi kutaa barnootaa keessatti keenyaan irratti maxxansuun waa'ee gootota irra caalaatti jaalatanii akka irratti mari'atan haala mijeessuu fi jajjabeesuu. |

**Hordoffii fi Madaallii**

Barsiisaan/tuun madaallii boqonnaa hundaa irratti adeemsisuun kaayyoo gooree irratti hundaa'ee ibsa armaan gaditti kaa'ame waliin madaaluun barataan sadarkaa ga'umsa barachuu isaa xiqqaa argachuu isaa murteessuu ni danda'u.

Barattoonni sadarkaan gahuumsa barachuu isa xiqqaa irratti hojjetan:

- Argama naannoo isaanii naannoolee ollaa wajjin wal bira qabuun agarsiisuu, haallan teessuma lafaa gurguddoo naannoo isaanii keessatti argaman addaan baafachuu fi fakkeenya kennuu, halluuwwanii fi asxaa alaabawwan naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa addaan baafachuu fi fakkeenya kennuu, caasaalee bulchiinsa naannoo fi dhaabbilee gurguddoo naannoo keessatti argamanii fi hojii isaanii walbira qabuun himuu.
- Waa'ee hambaawwan fi dabareewwan seenaa qorachuu fi bakkeewwan gurguddoo naannoo isaanii keessatti daawwattoota /turistoota/ hawwatan beekuu fi maqaa gootota naannoo isaanii keessatti argamanii fi hojiiwwan isaan raawwatan wal bira qabanii ilaaluun ibsuu danda'uu qabu.

**Barattoota sadarkaan gahuumsa barachuu isa xiqqaa barbaadamu olitti hojjetan**

Barattoonni sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa irraa barbaadamuu olitti hojjatan jajabeeffamuu qabu, hojiin isaan hojjatanis fudhatama argachuu qaba. Waan hojjatanitti quufanii taa'uu osoo hin taane jabaatanii hojjachuutti akka itti fufan jajjabeeffamuu qabu.

**Barattoota sadarkaan gahuumsa barachuu isa xiqqaa barbaadamuu gaditti hojjetan**

Barattoonni sadarkaa ga'umsaa isa xiqqaa gaditti hojjataniif yeroo addaa kennuufiin akka isaan kanneen biroo waliin walqaqaban taasisuun barbaachisaadha. Daree keessatti xiyyeeffannaa addaa kennuufiin dareen alatti immoo yeroo boqonnaa barnoota dabalataa kennuufiin barbaachisaadha.